

AQIIDAA AHLUS-SUNNAAH

FI KIJIBA AHBAASHH

Qophii: Urjii Ahmad
1434 Hijr
2013 G.C



AQIIDAA AHLUS-SUNNAAH

FII

KIJIBA AHBAASHII

Qophii:

Urjii Ahmad

2013/1434

Email: urjiiahmad@hotmail.com

Facebook Peejii: <https://www.facebook.com/pages/Urjii-Ahmad/456539734418183>

Facebook: <https://www.facebook.com/urjii.ahmad>

Twitter: <https://twitter.com/UrjiiAhmad>

Baafata

Seensa.....	4-5
Galata.....	6
Aqiidaa Ahlusunnaa wal Jamaa'aa.....	7-18
Aqiidaa Imaamman Afranii.....	19
Aqiidaa Imaam Abuu Haniifaa.....	19-23
Aqiidaa Imaamu Maalik.....	24-27
Aqiidaa Imaamu Shaafi'ii.....	28-32
Aqiidaa Imaamu Ahmad.....	32-36
Xumura Aqiidaa Imaamman Afranii.....	37
Aqiidaa Imaamman Hadiisaa.....	38
Aqiidaa Imaamul Bukhaarii.....	39-42
Aqiidaa Imaamu Tirmiizii.....	43-45
Aqiidaa Imaamu Ax-Xabarii.....	46-49
Aqiidaa Imaamul Ashaa'irii.....	50-53
Aqiidaa AbdulQadir Jeeylaanii.....	54-59
Adawwii Ahbaashii Gurguddoo lama.....	60
Sheekhul Islaam Ibnu Teymiyyaah.....	61-66
Aqiidaa Sheekhul Islaam.....	66-69
Imaam Muhammad binu AbdulWahhaab.....	70-73
Qooda Towhiidaa fii Kijiba Ahbaashii.....	74-78
Xumura.....	79

Seensa

Faaruun tan Rabbii Arshiiratti ol taheeti. Dandeettiin, Jabeenyi, Beekkumsi waa hunda Rabbii Alamaatiif taatuudha. Faaruu fii Nageenyi Rabbii Ergamaa Alamaa Muhammad irratti haa jiraattu.

Kitaaba xiqqaa Aqiidaa “Ahlus-Sunnaah fii Kijiba Ahbaashii” Ibsu kana akkan barreeysu kan naaf laaffise Rabbii kiyya Faaruun hundi Isaafi.

Rabbiin akka fedhetti nama dammeeysa. Hoggaa fedhe Adawwii fidee si jabeeysa. Ahbaashiin hoggaa Libaanoosii yaamamtee dhufte Muslimoota biyya teenyaa salphumatti gargalchina jechuu yaadanii dhufan.

Mootummaan yoo qawween nu bira dhaabbate, Yahuudaan yoo qabeenyaan nu gargaarte Muslimoota Miskiina Maallaqaan, beekaa Qawween Ahbaashii goona jechuun lafaa ka’ an.

Muslimoonni garuu ni dammaqan, qabsoo jalqaban, barreeysuu jalqaban, dubbachuu jalqaban, Ahbaashii saaxiluun qullaa dhaabaan Alhamdulillaah!

Anis waan Rabbiin na beeysise fayyadamee Kitaaba Aqiidaa hedduu fii Kitaaba Ahbaashii muraasa dubbisutti seene. Waanin hubadhes barreeysuu jalqabe. Facebook irratti Muslimootaaf Ibsuu jalqabe. Muslimoonni hedduun irraa fayyadamuu Isaanii naaf himan.

Ahbaashii Saaxiluuf barruun facebook irratti barreeysaa turee fii garii haarawa walitti qabee Kitaaba lammaffaa “Aqiidaa Ahlus-Sunnaah fii Kijiba Ahbaashii” qopheeyse.

Rabbiin Ahbaashii nutti fidee nu dammeyse Faaruun Isaaf taatuudha. Alhamdulillaah!

Kitaaba kana hoggaa dubbiftan waan faayidaa qabu hedduu akka argattan hin shakku garuu dogongorarraa qulqulluu tahuu Isaa hin amanu. Kanaaf dogongora kiyya nama naaf himu nin galatoomfadha.

Rabbiin dalagaa guyyaa qiyaamaa Isa biratti fudhatama argattu akka naaf godhu nin kadhadha. Isinis akka du'aaii Anaa fii Haadhaa fii Abbaa kiyyaaf akkasumas Muslimoota cunqurfamaa jiran hundaaf gootan Isin kadhadha.

Rabbiin Nasrii Islaamaatiin nu haa gammachiisu.

- ***Hubachiisa!***

Kitaaba kana Muslimni hundi akka fedhetti baayyisuu, facaasuu, hiruu, bakka muraasa ifiif fedhe keessaa fudhachuu fii Interneetaan facaasuu ni dandaha. Guutu Maxxansee gurgurachuu ni dandada. Kana hunda Osoo naan hin mariyanne godhuu hayyamee jira.

Garuu maqaa Kitaabaa jijiruu, Maqaa kiyya jijiruu fii Maqaa biraat itti moggaasuu hin hayyamne. Namni akkas godhuu barbaadu sababaa Isaa naaf Ibsee itti amanu hayyamuun kiyya ni mala.

Rabbiin bilisummaa Islaamaatiin nu haa gamachisu.

Urjii Ahmad

Ramadaana 21, 1434

July 29, 2013

Galata

Galanni duraa fii dhumaan hin qabne Rabbii kiyyaaf taha. Inni Osoo naaf laaffisuu baate adunyaan hundi na bira dhaabbattu humaa naaf hin gootu.

Itti Aansuun Koree Muslimootaa tan badii malee haqa dubbachuu fii gaafachuuf hidhaman nin galatoomfadha. Osoo jeynummaan Isaan qabsaawuu baatan silaa arra Adawwiin Islaamaa waan feetu godhutti dhihaatte.

Rabbiin galata Isaanii Jannata haa godhu.

Hiriyoota kiyya kan Facebook warra qabsoo Islaamaatiif tattaaffii guddoo godhaa turtanii fii kan ammallee itti jirtan hunda galatoomfachuun fedha.

Galanni keessan Jannata haa tahu!

Akka addaatti Obboleysa kiyya Munshiida/ Wallisaa Islaama Seyful Islaam nin galatoofadha. Galanni Kee Jannata haa tahu!

Ulamaa'ii teenya tan ifiif beeloooytee, dheebottee, rakkatee amantii qulqulluu tana nuun geeyse yoomillee galata Isaanii nuti deebisuu hin dandeenyu.

Rabbiin galata Isaanii Jannata haa godhu.

Qabsaawoota Islaamaa kan osoo hin hifanne Qabsoo godhaa jiran, Finfinnee, Asaasaa, Doodoolaa, Shaashamannee, Mattuu, Baddallee, Jimmaa, Dasee, fii kanneen bira hunda Rabbiin galata keessan Jannata haa godhu.

Harargee fii Baalee Rabbi qabsoof haa kaasu.

“Namni nama hin galatoofanne, Rabbi hin galatoofatu.”

Hundi keessan galatoomaa.

Nasriin Isin haa gammachiisu.

Aqiidaa Ahlusunnaa wal Jamaa'aa.

Ahlusunnaan eenyu?

Ahlusunnaa wal Jama'aan Warra karaa Rasuulaa s.a.w qabatee irratti waliif gale jechudha. Warra karaa Rasuulaa s.a.w qabate Sahaabaadha. Isaan warra Isaan boodaa Taabi'iinaaf dabarsan. Warra Taabi'ootaa waan Sahaabaa irraa baratan Hadiisaa, Tafsiiraa fii Aqiidaa warra Isaan boodaa barsiisan.

Haala saniin Jecha Rabbii fii Jecha Rasuulaa s.a.w waliif dabarsaa Amantii nuun gahan. Warra Ahlusunnaa jechuun warra karaa qajeelaa Salafoota nu duraa qabate qofa. Abbaan fedhe maqaa kanaan waan if yaameef Ahlusunnaa hin je'amu. Mizaanni maqaa Ahlusunnaa namaaf sabachiisu Quraanaa fii Hadiisa.

Namni Quraanaa fii Hadiisa faalleysaa ani Ahlusunnaa ifiin je'u hundi Ahlusunnaa miti. Maqaa osoo hin taane dalagaatu laallama. Kan Quraanaa fii Hadiisa jala deeman Ahlusunnaadha. Kan Sahaabaa fii warra Isaan boodaa jala deeman Ahlusunnaadha.

Ahlusunnaan tuuta qajeeltuu takka. Ahlusunnaa ykn Ahlul Hadiis moggaasni Isaanii kan haqaa. Ahlusunnaa Suufiyyaa ykn Ahlusunnaa Suufii wanni je'amu hin jiru. Ahlusunnaan takkittiidha.

Ahlusunnaa beekuuf karaan gabaabaan Quraanaa fii Hadiisa hordofuu Isaaniiti. Warra waan Sahaabaan jette je'u. Warra waan Salafoonni irratti waliif galan hin kallafne.

Isaan hanga guyyaa qiyaamaa ni jiraatan. Heddoominni Adawwii Isaanii Isaan hin miidhu. Rabbiin Isaaniif tumsa. Isaanis Amantii Isaatiif ni tumsan.

• *Aqiidaa Ahlusunnaa wal Jama'aa*

Aqiidaan Ahlusunnaa takkittiidha. Aqiidaan Isaanii Quraanaa fii Hadiisa.

Hundee Amantii keessatti wal dhabanii hin beekan. Damee Fiqhii keessatti wal dhabanis hundi Aqiidaan tokko. Biyyaan adda fagaatanis hundi Aqiidaa Quraanaa fii Hadiisa malee Aqlii Isaarraa hin fudhatu.

Aqiidaa Keessatti wanni Isaan amanan gabaabnaan akka Aramaan gadii kana.

- Haqaan gabbaramaan Rabbii tokkicha qofa akka tahee fii Muhammad ergamaa Isaatii fii Nabiyyii Isaa tahuu amanan. Durri wanni itti amanuun dirqamaa Shahaadaa lameeni. Rabbi tokkicha haqaan gabbaramu akka tahe beekuu fii Ragaa bahuudha. Kan lammaffaa Nabi Muhammad s.a.w Ergamaaa Isaa kan xumuraa akka tahee beekuu fii ragaa bahuudha.

Namni tokko Islaama seenuuf dura kana amanuu qaba. Haqaan gabbaramaan Rabbi malee akka hin jirre Rabbii fii Rasuulli s.a.w ragaa bahanii jiran. Malaaykaa fii warri beekkumsa qabus akka haqaan gabbaramaan Rabbi malee hin jirre ragaa bahanii jiran.

- Ahlusunnaan Rabbii Isaanii Sifa inni ifiin yaameen yaaman, Tan Rasuulli s.a.w Isaan yaameen Isa yaaman. Sifa Isaatiin Rabbii Isaanii beekan.

Warri Sunnaa Rabbiif sifa Inni ifiin yaamee fii Rasuulli s.a.w Isaan yaame malee hin sabachiisan. Quraanaa fii Hadiisa qofarrraa sifa Rabbii fudhatan. Aqlii fii Falsafaan waa'ee Rabbii beekuu hin dandeesu. Kanaaf Ragaan Isaanii Quraanaa fii Hadiisa qofa.

Imaamu Ahmad Rabbi irraa haa jaalatuu “*Rabbiin sifa ifiin yaame malee ykn Rasuulli s.a.w Isaan yaame malee hin yaamamu, Quraanaa fii Hadiisarraan tarkaanfatuu hin tahu.*” Jechuun dubbate.

Ahlusunnaa Sifa Rabbii tan Quraanaa fii Hadiisa keessatti dhufte ni sabachiisan. Hikkaa hin jijiran, hin didan, hin fakkeeysan, akkaataa sifa Rabbii hin dubbatan akkuma dhuftetti sabachiisanii bira dabran.

Sifa Rabbii hikkaa Osoo hin jijirre amanan keessaa:

- Harka Rabbii akkuma Rabbiin Quraana keessatti dubbatetti sabachiisan.

Rabbiin akkana je'a: "***Yaa Iblis! Maaltu waanin harka kiyya lamaaniin uumeef Sujuuduurraa si dhorge?***" Suuraa Saad: 75

Warri Sunnah Sifa Quraanaan dhufte akkuma dhufteetti sabachiisan. Akka Mu'atazilaa fii Jahmiyyaa (Ahbaashii ammaatti) hin jijiran. Isaan harka Rabbiin ifiin yaame ni didan, hikkaa jijiran.

Ahlusunnaan Akka warra Mushabbihaatti (warra fakkeeysutti) sifa Rabbii uumatti hin fakkeeysan.

Akkuma Harka Rabbiin ifiin yaame sabachiisanitti sifa biraa tan Quraanaa fii Hadiisaan dhufte hunda akkuma dhuftetti sabachiisan.

- Quraanni Jecha Rabbii akka tahe amanan, Isaatu dubbate. Kun Aqiidaa warra Sunnaati.

"*Namni Quraanni jecha Rabbiiti miti, uumama je'u Kaafira*" Ulamaa'i warra Sunnaarrraa jecha beekkamaadha. Kitaaba kana keessatti bakka hedduuti jecha kana arguuf teeysan.

Quraanni bakka fedhetti qara'amu, bakka fedhetti katabamu jecha Rabbiiti, Isaatu dubbate.

- Rabbiin akka Isaan malutti Arshiirratti ol tahe jechuu amanan.

Ahlusunnaan Rabbiin Samii torbanii olitti Arshiirratti akka Isaan malutti ol tahe jechuu amanan.

Waan Sifa Rabbii tahe tan Quraanaa fii Hadiisaan dhufte hunda akkaataa beekuu baatanis akka Isaan malutti jechuun amaniin bira dabran.

Rabbiin Quraana Isaa bakka torba keessatti “Rabbiin Arshiirratti ol tahe.” Jechuun sifa Isaa nuuf himee jira. Rabbiin ifiif sabachiisee jira Ahlusunnaan Ol tahuu Rabbiin ifiif sabachiise shakkii malee amanan. Hikcaa hin jijiran, hin didan, hin fakkeeysan, akkaataa ol tahinsa Rabbii hin dubbatan. Wanni Isaan amanan Rabbiin akka Isaan malutti ol tahuu qofa.

Imaamu Maalik Rabbi Rahmata haa godhuuf Rabbiin akkamitti ol tahe jechuun gaafatamnaan “*Ol tahuun Rabbii beekkamaadha, akkaataan hin beekkamu, Itti amanuun dirqama, kanarraa gaafachuun Bid'aadha.*” Jechuun deebise.

- Gad bu’uu Rabbii ni amanan.

Ahlusunnaan Rabbiin halkan hunda gama Samii Adunyaatti akka Isaan malutti gad bu’ a jechuu amanan. Akkaataan maleetti, uumatti fakkeeysuun maleetti, diduun maleetti waan dhufe amanan.

Rasuulli s.a.w akkan je’e “*Rabbiin keenya halkan hunda gama Samii Aduniyaatti gad bu’ a, yeroo halkan irraa harkii 3 dabare. Rabbiin ni je’ a ‘Eenyuu na kadhata kaniin awwaadhuuf? Eenyuu na kadhata kaniin kennuuf? Eenyuu araarama narra barbaada kaniin araarmuuf’*

Bukhaarii: 1145 fii Muslim: 758

“Hadiisa kana sahaabaa hedduutu Rasuularraa odeeyse. Warra beekkumsa Hadiisaa qabu biratti Mutawaatira je’ama.” Sheekul Islaam Ibnu Teymiyyaa.

Ibnul Qayyim Sahaabaa 29 irraa Hadiisa gad bu’uu Rabbii dubbatu kana Odeeysee jira.

Imaamu Zahabiin akkana je'a: "Hadiisa Nuzuulaa (gad bu'uu Rabbii) himu ilaalchisee kitaaba tokko barreeyseetin jira. Hadiisni sun Mutawaatira tahuu shakkii hin qabu." Al-Uluw laalladhu.

Ahlusunnaan Hadiisa akkanaa kan sifa Rabbi dubbattu akkaataa beeku baatanis shakkii malee amanan.

Fudeeyl Binu Iyaad akki je'e "*Hoggaa Jahmiyyaan (Ahbaashiin ammaa) Rabbiin Samii duniyaatti akka Isaan malutti gad bu'utti hin amanu sin jedhan, Ati ammo Rabbii waan fedhu dalaguttin amana ja'iin.*"

Nutis Ahbaashiin Rabbii waan fedhu dalagutti amanna haa jennuun!

- Rabbiin Guyyaa Qiyaamaa dhufuu ni amanan

Ahlusunnaan waan Rabbiin ifiin yaame tan didan hin qaban, tan fakkeeysan hin qaban, tan hikkaa jijiran hin qaban, hunda akka Isaan malutti jechuun amanan.

Warri Haqaa Rabbiin guyyaa qiyaamaa akka Isaan malutti ni dhufa jechuu amanan. Ragaan Isaanii hoggaa hunda Quraanaa fii Hadiisa.

Rabbitin akkana je'a: "***Gaafa Rabbiin kee dhufe, ammas Malaaykaan tarree hedduun dhufte.***" Al Fajri: 22

Sifa dhufiinsa Rabbii akkuma sifa biraah Ahlusunnaan ni dhugoomsan, hin fakkeeysan, akkaataa hin dubbatan, hin didan, hikkaa hin jijiran. Rabbitin waan Isaan malu Isaatu beeka. Eega inni ifiin dubbate diduun nuutu sirra beeka Rabbitin jechuu fakkaatti.

- Guyyaa Irraa boodaa ykn Guyyaa Qiyaamaatti amanuun Aqiidaa warra Sunnaati.

Warri Sunnaa Guyyaa qiyaamaa akkuma Rabbiin dubbate itti amanan. Du'a booda kaafamuu fii waan guyyaa qiyaamaa keessatti argamuuf taa'u kan Rabbii fii Rasuulli s.a.w dubbatan hunda itti amanan.

Guyyaa qiyaamaa Ilmi namaa hundi kaafamee Rabbi dura dhaabbata. Kitaaba Isaa namuu ni fudhata. Kan bitaan fudhatuu fii kan mirgaan fudhatuu jira. Gaafii gaafatamanii deebisuutu jira. Mizaanaatu jira. Siraax Dildila je'amuu jira, kan Rifeensarra qallaa, kan Ableerra qaraa. Siraaxirra kan fiigaa dabruu fii kan shorraaqaa dabruus ni jira, Namuu akkuma dalagaa Isaatiin wal dabra. Kan dabruu dadhabee Azaabatti kufus ni jira.

Rabbiin akkana je'a: "***Sa'aan (Qiyaamaan) akka dhuftu Shakkiiin Isii keessa hin jiru. Rabbiin dhugumaan warra qabrii jiru ni kaasa.***" Al-Hajj: 7

Mizaanni akka jiru hoggaa dubbatu Rabbiin Arshiirratti ol tahe akkana je'a:

"Guyyaa Qiyaamaa Mizaana Haqaa ni keenya. Lubbuun takkallee humaa hin miidhamtu. Yoo (Dalagaan gaariin ykn hamtuun) hanga firii sanaaficaa takka argamte Isii ni finna. Nuti waa herreegoo tahuuf ni geenya." Al-Anbiyaa: 47

Ammas Rabbiin akkana je'a:

"Warri Mizaanni (dalagaan gaarii) Isaanii ulfaatteef, Isaan warra Milkaawe. Ammas warri Mizaanni (dalagaan gaarii) Isaanii haffallatte/Salphatte, Isaan warra lubbuu Isaanii Hoongeseysani, Jahannama keessa turoodha/keessaa hin bahan." Al-Mu'minun: 102-103

- Warri Amane Rabbii Isaanii Akhiiraatti akka argan amanuun Aqiidaa warra Sunnaati.

Quraanni, Hadiisni, Sahaabaa fii warri amane hundi Rabbiin guyyaa qiyaamaa Mu'minootaaf akka Ijaan mullatu irratti waliif galanii jiran.

Rabbiin akkan je'a: “*Fullan gariin guyyaa saniin keessatti (guyyaa Qiyaamaa) Iftuudha. Rabbii Isii dawwattuudha.*” Al-Qiyaamaa:22-23

Rasuulli s.a.w Ji'a kudha shaneessaa laaleeakkana je'e:

“*Isiin Rabbii keessan arguuf teeysan akka Ji'a tana argitanitti...*” Hadiisa: 7434

Warri haqaa Ahlusunnaan Rabbii Isaanii guyyaa qiyaamaa Ijaan akka argan shakkii malee amanan. Quraanaa fii Hadiisaan akkuma sabate amanuu malee diduun aadaa yahuudaati.

- Warra Ahlusunnaa biratti Iimaana jechuun “Qalbiin dhugoomsuu, Afiaaniin dubbatuu fii qaamaan dalaguudha. Ibaadaan ni dabala, Cubbuudhaan ni xiqqaata.”

Iimaana jechuun Qalbiin dhugoomsuu hoggaa jenne Shahaadaa lamaanii fii Shari'a dhugoomsuudha.

Afiaaniin akka dhugoomse ragaa bahuu qaba. Qalbii qofaan dhugoomsuun gahaa miti. Arrabaan dubbatuu qaba. Eegas Shari'aa Qaamaan dalaguu qaba. Salaata, Zakaat, Soomana, Jihaada fi k.k.f.

Yoo haalli sadeen dubbatame nama tokkorraa argame namni sun Mu'mina ykn nama amane je'ama.

Ulamaa'iin Ahlusunnaa kanarratti waliif galanii jiran. Namni Iimaanni qalbiin dhugoomsuu qofa je'u warra jallatee karaa gad lakkise. Iimaanni qalbiin dhugoomsuu fii dalagaan wali bira argamuu qaba.

Iimaanni ni dabala, ni xiqqaata/ni hir'ata. Toltuu Rabbiin ajaje dalaguun ni ida'a. Hamtuu Rabbiin irraa dhorge dalaguun ni hir'ata. Mu'mintonni Iimaana keessatti wal caalan.

Iimaanni Sahaabaatii fii keenya tokkoo miti. Abuu Bakr As-Siddiiq irra guuttamaa Ilma namaati Iimaanaan. Iimaana akka Abuu Bakr qaba jechuun

dalagaa warra bid'aati. Iimaanni Ilma namaa hanguma Ibaadaatti wal caalan wal caala.

Ulamaa'iin Ahlusunnaa warra Iimaanni hin ida'u, hin irrattu, dalagaa miti, qalbiin dhugoomsuu qofa je'u irratti kijiba Isaanii deebisuuf Kitaaba waan kana qofa dubbatu barreeysaa turan.

- Qadaratti Amanuun Aqiidaa warra haqaati.

Warri Ahlusunnaa wanni hundi Qadaaraan argamti jechuu amanan. Waan Rabbiin Murteeyse malee wanni takka tan argamtu hin jirtu.

Ilmii namaa dalagaa dalaguuf fedhiinnaa mataa Isaa qaba, garuu Rabbiin waan Inni dalagu san hamtuu taatuu, Toltuu taatuu Isaatu Uume.

Warri karaa irraa bahe kan Qadara keessatti akkaan jallate tuuta lama Isaanis Qadariyyaa fii Jabriyyaadha.

Qadariyyaan akki jettu "Ilmi namaa waan dalagu hunda ifiif uume malee Rabbiin hin uumnee irraa quba hin qabu. Eega namni dalage booda Rabbiin waan san beeka." Jechuun Jallina hoongaa baheen dhufan. Isaan keessaa tuutti gariin wanni Qadaraan murteeyfame tokkolleen hin jiru jechuun Quraanaa fii Hadiisa kijibsiisanii jiran.

Jabriyyaan akki jettu "Ilmi namaa filannoo waan je'amu takka hin qabu, waan dalagu hunda dirqamaan dalaga. Rabbiin Isaan dirqee jira." Akka jarri kun jedhutti Ilmi namaa hoggaa zinnaa godhoo fii farshoo dhugu dirqamaan godha malee fedhinnaa hin qabu. Kanaaf waan san kan godhaa jiru Rabbi qofa jechurra gahan.

Qadariyyaan Ilmi namaa waan dalagu ifiif uuma Rabbiin hin beeku jechuun daangaa dabarte, Jabriyyaan ammoo Gabrichi fedhiinnaa waa dalaguun hin qabuu Rabbii isa dirqee daleeysisa jechuun daangaa dabarte.

Warri Ahlusunnaa Jiduu gala waan hunda keessatti. Qadaraan wanni hundi murtaawuu ni amanan, Ilmi namaa waan dalagu fedhiin akka dalagus ni amanan.

Ahlusunnaan Qajeeloo fii Jallinni Rabbi biraatahuus ni amanan. Rabbiin abbaa fedhe qajeelcha, Abbaa fedhe Jallisa.

Ahlusunnaan nama waan qadaraa keessatti xinxallii guddisee falamu warra Bid'aa je'aniin. Rabbiin waan fedhe dalagaa hin gaafatamu, gabroottan Isaa waan dalagan irraa ni gaafataman.

- Jannataa fii Azaabaan ragaa namaa bahuu keessatti Ahlusunnaan maal amanan?

Warri Ahlusunnaa akka waliigalatti namni Islaamarratti du'e booddeen Isaa Jannata akka taate amanan. Muslimootarraa Namni Azaaba seenus booddee Jannata Seenuun Isaa hafa hin qabdu. Muslimni tokkolleen Azaaba seenee Isii keessatti hin hafu. Akkasumas Namni Kufrii Irratti du'e warra Azaabaa akka tahu amanan. Azaaba keessaa bahinsaa fii booqannaan Isaaf hin jiru. Kana jechuun ebaluu fii eebalu jechuun maqaa Osoo hin kaafne akka waliigalatti Mu'iminni warra jannataati, akka walii galatti kaafirri warra Azaabaati.

Ahlusunnaan Sahaabaarrraa warra Rasuulli s.a.w maqaa dhahee Jannata seentan je'een akkuma dhufetti sabachiisan.

Saniirraa Kudhanan Jannataan gammachiifaman: *Abuu Bakr As-Siddiiq, Umar binu Al-Khaxxaab, Usmaan binu Affaan, Aliyyi binu Abii Xaalib, Xalhaa binu Abiidillaah, Zubeeyr binu Al-Awaam, Abdurahmaan binu Awfi, Sa'ad binu Abii Waqqaaas, Sa'iid binu Zeeyd binu Amri binu Nawfal, Abuu Ubeeydaa Aamiir binu Al-jarraah hunda Isaanii Rabbiin irraa haa jaalatu.*

Akkasumas Rasuulli s.a.w *Saabat Binu Qeeysi binu Shammaas* warra Jannataa tahuu Isaa ragaa baheefii jira.

Ammas **Hassani fii Husseen** Ilmaan Aliyyi binu Abii Xaalib. “*Irra caaloo dargaggo Jannataa*” jechuun Isaaniif ragaa bahee jira.

Ahlusunnaan warra Rabbii fii Rasuulli s.a.w Azaaba akka seenan maqaa dhahanii himanakkuma dhufetti sabachiisan.

Warri Azaabaa kan maqaan dhahaman: Abuu Lahab Maqaan Isaa AbdulUzaa binu AbdulMuxxalib Adeera Nabiyyiiti s.a.w. Jaartii Isaa Ummu Jamiiil Arwaa bintu Harb akka warra Azaabaa tahan Rabbiin Quraanaan buusee mirkaneeeyseefii jira. Osoo Isaan lamaanuu lubbuun jiranii.

Suuraa Masad guutuun Isaaniirraa dubbatti.

Kan biraa Abuu Xaalib Maqaan Isaa AbduManaaf binu AbdulMuxxalib Adeera Rasuulaa s.a.w.

Rasuulli s.a.w “*Irra salphaan warra Azaabaa Abuu Xaalib kophee lama itti kaayan (tan Azaabaa) saniif jecha sammuun Isaa danfa*” Bukhaarii: 6564

Ahlusunnaan Orma Rabbii fii Rasuulli s.a.w maqaa dhahan kana malee Muslimarrea nama tokko maqaa dhahanii Jannata jira je'anii hin Murteeysan, Cubbuu nama dalagus Azaaba jira je'anii itti hin murteeysan, Garuu Nama gaarii dalaguuf Jannata Kajeelan, Warra cubbuu dalaguurraa Azaaba sodaatan.

- Sadarkaa Sahaabaa Rasuulaa s.a.w warra Ahlusunnaa biratti.

Sahaabaa Rasuulaarras s.a.w irra caaloon Khulafaa'u Raashidiina afurani. Irra caalaan ummata Muhammad Abuu Bakr As-Siddiq eegas Umar binu Al-Khaxxaab, eegas Usmaan binu Affaan eegas Aliyyi binu AbdulMuxxalib. Isaan irra caaloo ummata Muhammad tahuu warra Sunnaah hin shakku.

Namni Isaanii fii Sahaabaa Rasuulaa s.a.w akka waliigalatti tokko keessaa jibbu, kan maqaa hamaan Isaan kaasu warra jallinaati. Shii'aan Sahaabaa Rasuulaa s.a.w nama muraasa malee hundi kafaranii jiran jechuun hamtuu

Isaanirraa dubbatan. Abuu Bakrii fii Umar Kaafira jechuun Arkaana Amantii Shii'aati.

Sheekul Islaam Ibnu Teeymiyyaan “Namni Sahaabaa keessaa tokko arrabsu, kan eega Rasuulli s.a.w du’ee Sahaabaan hundi Kafartee jirti je’u, Kan Sahaabaraa namni Islaamummaa irratti hafe nama kudha wahi je’u ykn Isaan cubbuu gurguddoo dalaguun ajaja Rabbii diigan jechuu amanu shakkii malee Kaafira. Sababaa Jecha Rabbii fii Rasuulaa s.a.w kijibisiiseef jecha. Rabbiin Isaan irraa jaaladhe jechuun Quraana keessatti bakka hedduutti dubbatee jira.”¹

Ahlusunnaan waan Sahaabaa jiddutti argame Rabbiif dhiisan. Waa’ee Isaan jiddutti argame dubbachurraa arrabni Isaanii qulqulludha. Hamtuu fii eeybiidhaan Isaan hin kaasan. Rahmata Rabbii Isaan hundaaf ni kadhatan. Waahiloota caalaa Ambiyootaa Rabbiin Isaan godhuun Isaan filee jira, Isaan irra caaloo ummata Muhammad.

Akkasumas Ahlusunnaan “Ahlul Beytii” Maatii Rasuulaa s.a.w ni jaalatan. Akkasumas beerran Isaa hundi haadha Muslimootaa tahuu amanan. Ahlusunnaan hunda Isaanii ni jaalatan, Hamtuun Isaan hin kaasan.

- Ahlusunnaan waan Rasuula s.a.w irraa sabate kan aqliin teenya itti geysuu fii itti hin geenye hunda ni amanan.

Akka Hadiisa “Israa fii Mi’raajaa” Samii ol koru Rasuulaa s.a.w ni dhugoomsan. Qureeyshiin amanuu diddee dubbii san akka malee guddifte. Muslimoonni ammoo ni amanan.

Sanirraa Ammas Mallattoo Qiyaamaa tan akka Dajjaal dhufuu, Iisaan ilma Maryam Samii bu’ee Dajjaal Ajjeesuu, Ya’jujii fii Ma’juuj bahuu, “Daabbaa” Bineensi nama dubbiftu argamuu, Aduun gama seensaatiin bahuu fii waan kana fakkaatu kan Aqliin itti hin geenye hunda ni amanan.

1. Saarimul Masluul: 586-587

Akkasumas Gaafii qabrii, Azaaba Qabrii fii Qananii Qabrii keessatti Ilmi
namaa qunnamu ni dhugoomsan.

Kun gabaabinaan Aqiidaa Ahlusunnaa akka Hundeetti laallamtu. Muslimi
hundi kana amanee irratti waliif galee jira nama Sheeyxaanni itti taphaataa
jirtu malee.

>>>>>><<<<<<>>>>>>>>>>>>>><<<<<<>>>>>>>>

AQIIDAA IMAAMMAN AFRANII FII KIJIBA AHBAASHII

Imaamman Afran Eenyu?

Imaamman Afran jechuun Muslimoonni Warra Sunnaa tahan kan qajeeloo Isaanii irratti waliif galanii jala deeman Imaamman Afur beekkamoodha.

Isaanis: Abuu Haniifaa, Maalik, Shaafi'ii fii Ahmad binu Hanbali. Jarri Afran kun Duree warra Sunnaa “Imaama” jechuun beekkamani. Seenaan Isaanii ballinaan Kitaaboota adda addaatiin qophaawee jira. Kitaaba kana keessatti seenaa Isaanii Caalaa Aqiidaa Isaanii irratti xiyyeefanna.

Ahbaashiin Maqaa Sunnaa Dr. Shifarraawii fii Mallas Zeenaawii Irraa muudamtee Ahlusunnaa Suufii jechuun mooggaasa argattee ittiin dhiichisaa jirti. Wanni nama dhiibu Mallas Zeenaawii fii Dr. Shifarraaw warra Sunnaa je'anii tuuta takka moggaasuudha. Hoggaa kana Mallasii fii Dr. Shifarraaw Ahlusunnaa Suufii Isaantu hoggana jechuudha. Mallas qabrii keessaa, Dr. shifarraaw biroo keessaa Ahbaashii hogganan. Hoggaa dubbiin akkana taate Aqiidaa dubbachuun dirqama taha.

Imaamman Islaamaa jala deemuuf Aqiidaa Isaanii beekuun barbaachisaadha.

1. *Imaam Abuu Haniifaa (bara 80-148 hijira)*

Maqaan Isaa guutuun Nu'maan binu Saabit binu Zuuxaa binu Marzabaan hoggaa tahu, kan Inni beekkamuun Imaam Abuu Haniifaadha. “Imaamul A’azam” Imaama Guddaa je’amuun beekkama. Bara 80 hijira/699 A.L.F Magaalaa Kuufaa Iraaqitti dhalate. Bara 148 hijira/767 A.L.F Adunyarraa gama Aakhiiraa dabre.

Mazhabni Isaa “**Hanafiyah**” jechuun beekkama. Barnoota Fiqh keessatti hordoothoota hedduu qaba. Rabbiin Rahmata Isaaf haa godhu Imaam Abuu Haniifaa.

Aqiidaa Isaatti hoggaa dhufne, Aqiidaan Isaa Aqiidaa Sahaabaa fii warra Isaan boodaati, Karaa Salafaa qajeelaadha. Abuu Haniifaan Aqiidaa salafaa qabaachuu Isaatiif kitaaboonni Isaa ragaa ni bahan. Warra Falsafaa kan zamana Isaa jiran Hadiisaa fi Quraanaan Albaasaa ture. Rabbiin Jannataan haa qananiisu.

• **Aqiidaa Imaam Abuu Haniifaa**

Amma Aqiidaa Abuu Haniifaan Towhiida keessatti Amanuu haa laallu.

Abuu Haniifaan akkana je'a:

1. Tawwassula Ilalchisee “*Namichi kadhatu tokko Yaa Rabbi! haqa ebaluutiif, haqa Anbiyaatiif, Haqa ka’abaatiif, haqa ergamtootaatiif waanakkanaa naaf godhi jechuun Jibbamaadha*”.²
2. Sifa Rabbii Ilalchisee “*Rabbiin Sifa akka uumamaa qaba jechuun hin dubbatamu, Jaalala fii Jibbaan Isaa akkaataan maleetti sifa Isaati, Kuni jecha warra Ahlus-sunnaati, Rabbiin ni jaalata, ni Jibba, jaalalli Isaa sawaaba (galata) hin je’amu, Jibbaan isaa Qixaaxa (adaba) hin je’amu, Isaaf sabachiifna waan Inni ifiin je’ a. Harkaa fii Ijji Isaa tan Uumamaa hin fakkaattu.*”³
3. “*Rabbiin Harka qaba, Fuula qaba (kan Isaan malu), Akkuma Quraana keessatti dubbate sani, Suni Sifa Isaati akkaataan maleetti (akkaata Isaa hin beynu), harkii Isaa jabeenya ykn Qananii hin ja’amu, akkas jechuun Sifa Rabbi diduudha. Akkas jechuun jecha warra Mu’atazilaati (fudhatama hin qabu).*”⁴

2. Sharhii Aqiidaa Xahaawiyaa, Fuula 234, Sharhii Fiqhul Akbar Kan Qaarii Ulamaan je’amu tolche, fuula 198.
2. Fiqhul Absax, fuula: 56.
3. Fiqhul Akbar, fuula: 10
4. Asmaa wa sifaat, fuula: 456 (Kitaaba Beyhaqii).

4. Hoggaa Gad Bu’insa Rabbii kan Halkan gama boodaa sanirraa gaafatame “*Gad Bu’a akkaataan maleetti (akkaataa hin beynu)*” *jechuun deebise.*⁵
5. “*Rabbiin gama gubbaa/ oliitii kadhatama malee gama jalaatii miti. Gamni jalaas sifa Rabuubiyyaa (Rabbummaa) fii Uluuhiyaya (Gabbaramaa) hin tahu.*”⁶
6. “*Rabbiin sifa akka uumama qaba jechuun hin dubbatumu.*”⁷
7. “*Namni Rabbiin Samii ol jira moo dachii keessa jiraa hin beeku je’u, kafaree jira. Ammallee namni Rabbiin Arshiirratti ol tahuu nin amanaa garuu Arshiin samii ol jirtii fii lafa keessa jirtii hin beeku je’u kafaree jira.*” (Arshiin Samii Torbanii oli jirti).⁸
8. Intalti takka Rabbiin ati gabbartu eysa jira jechuun gaafannaan, Abuu Haniifaan “*Rabbiin samii olitti jira, lafa keessaa miti.*” jechuun deebiseef. Gurbaan tokko “*Rabbiin Isin wajjiin jira hin je’uuree?*” jechuun gaafannaan, “*Sun akkuma ati xalayaa nama tokkoof barreesitee sii wajjiin jira jettu sanii garuu ati Isarraa fagoo jirta*” jechuun deebisan.⁹
9. “*Rabbiin ni dubbata, garuu akka dubbii teenyaati miti.*”¹⁰
10. “*Rabbiin Nabii Muusaa dubbisee jira. Nabi Muusaan jecha Rabbii dhagayee jira. Akkuma Rabbiin Quraanaan nuuf hime sani.*”¹¹

5. Fiqhul Absax, fuula: 51

6. Fiqhul Absax, fuula: 56.

7. Fiqhul Absax, fuula: 46

8. Asmaa wa sifaat, fuula: 429

9. Fiqhul akbar, fuula: 302.

10. Fiqhul Akbar: 9

11. Fiqhul Akbar: 8

11. “Quraanni jecha Rabbii ol taheeti, Waraqaa keessatti katabamaadha, qalbii nama keessatti ni haffazama, Arrabaan ni qara’ama, Nabiyyi keenya s.a.w Irratti buufame.”¹²
12. “ Sahaabaa Rasuulaa s.a.w tokkollee kheeyriin malee hin kaafnu.”¹³

Aqiidaan Abuu Haniifaa gabaabatti kana fakkaata, Bakka Ahbaashiin itti hin amannee fii ittiin nama kafarsiistu qofa filuuf barbaadeeti malee Aqiidaan Isaa waanuma hangana jechu miti. Imaam Abuu Haniifaan Kitaaba Aqiidaa Isaa Ibsuuf barreeyse qaba “Fiqhul Akbar fii Fiqhul Absax” Lamaanuu kan Isaati. Abbaan fedhe itti deebi’ee laaluu dandaha.

Aqiidaa Asii Olitti dubbataman tan Abuu Haniifaan itti amanu tana nama amanuun Ahbaashii fii Adawwii Islaamaa hundi Wahbiyyaa je’aniin.

- ***KIJIBA AHBAASHII***

Ahbaashiin qaphxilee asi olitti ka’an kana hunda Isaa ykn irra hedduu Isaa hin fudhatan. Garuu warra Sunnaa kan Imaamman Afran jala deemu tahuu Isaanii Mallas fii Dr. Shifarraaw ragaa tahaniifii jiran.

Abuu Haniifaan Aqiidaa Salafaa tan Muslimoonni durirraa hanga arraa amanan jala deema.

Kitaaboonni Asi olitti dubbataman kuni barreefamnii harka nama jiran, hundi afaan arabaati. Ammas Aqiidaa Abuu Haniifaa akka tahe kan amanamu Kitaaba Aqiidaa Xahawiyyah je’amuutu jira. Kitaabni guutuun Ahbaashii dhukkee irraa kaasa. Wanni haalaan nama gammachiisu afaan Oromootiin kitaabni sun Sheek Muhammad Rashaad Abdulleetiin hiikkamee lafa jira. Ahbaashiin sanis hin fudhattu.

¹². Fiqhul Akbar, fuula: 13

Kana hunda wajjiin Ahbaashii akka tahuu qabnu Mootummaan murteessee Aqiidaa nuuf filee, itti nu dirqaa jira.

Ahbaashiin kan fudhattu kitaaba Abdullahi Harari, Kitaaba Mallas, Dr. Shifarraaw, ETV, Kowsarii (Filoosofara guddaa warra Mazhaba Shaafi'ii fudhuun haraama je'u), Ibnu Arabii (Sheeyxaana Nabiyyii hundarran caala ifiin je'e, saree fi karkaroon Rabbi je'e), Hallaaj (Ani Rabbii dachii fii samii uume kan haqaati Ifiin je'e). Jara kana warri akka jala deemnu itti nu yaamaa jiran.

- Xumura

Aqiidaan Abuu Haniifaa hangana qofatti barreefamee dhume jechuu miti. Kitaaboonni Isaa ni jiran, akkasumas kitaaboonni Aqiidaa Isaa ballinaan ibsan ni jiran. Garuu Ahbaashiin waan diddee ittin Islaamarraa baate arguuf gabaabatti Aqiidaa Imaam Abuu Haniifaa akka hubattan barbaadeeti.

Rabbiin Falsafaa sheeyxaanaa hunda jalaa nagaya nu haa baasu.

Akka hundatti haqni ni Injifata.

Allaahu Akbar!!!

>>>>>><<<<<<>>>>>>>>>>>>><<<<<<>>>>>>>>

2. IMAAMU MAALIK BINU ANAS (Bara 93-179 Hijiraa)

Aqiidaa Imaam Abuu Haniifaa laallee jirra.

Ahbaashiin Wahbiyyaa hoggaa je'an Aqiidaa Imaamman Afranii warra dhugoomsee jala deemu jechuudha. Ahbaashiin jechoota Abuu Haniifaa kan kutaa tokkoffaa keessatti dubbanne san hunda hin fudhatan. Garuu jechoota Ulamaa'ii tanaa bakka Isaaniif tahu takka takka qabatanii Jazbaa fi dargaa humaa hin beyne itti gawwomsaa jiran.

Aqiidaan warra salafaa (warri Sahaabaa fii Isaan boodaa) Aqiidaa Qulqulluu falsafaarrraa bilisaati.

Ahbaashiin guddinaan wanni jala deemtu Falsafaadha, Islaamarraa xiqqo waan Isaaniif tahu itti laaqanii jiran. Afaan Arabaatiin warri libaanoos hoggaa Iyyu wallaalaan keenya Quraanaa fii Hadiisa saha, Dubbiin garuu akkasii miti, Kitaaba Falsafaa kan Abdullaahi Hararii fii fakkaattoonni Isaa kataban maqaa siif dhahan. Kowsarii, Ibnu Arabii, Abdullaahi Harari, hundi warra falsafaati.

Kanaaf Ulamaa'ii hin sehin!

Amma Imaamman Afran keessaa kan lammaffaa Aqiidaan Isaa maal akka taate waliin haa hubannu.

Imaamu Maalik binu Anas bara 93 hijiraa/711 A.L.F Madiinaatti dhalate. Bara 179 hijiraa/ 795 A.L.F Adunyarraa gara Rabbii Isaa godaane.

Imaamu Maalik Imaam (duree) warra Sunnaa keessaa tokko, Moggaasa “Imaamu Darul Hijiraa” (Duree biyya Hijiraa) je'amuun beekkama.

Mazhabni Isaa Maalikiyyaa jechuun yaamam, Fiqihii keessatti Mazhaba Isaa Muslimoota Sunnaa hedduutu hordofa.

Kitaabni Isaa kan Hadiisa hedduu Sahiiha qabaachuun Faarfamu Muxa'a Imaamu Maalik jechuun kan beekkkamu.

• *Aqiidaa Imaamu Maalik*

Imaamu Maalik Aqiidaa Ahlus-Sunnaatiif tumsuun beekkama. Warra Bid'aa kan falsafaa adda addaa Islaamatti laaqua hunda balaaleefachuun Imaama beekkamu. Aqiidaa Warra Sunnaa dubbatanii Imaamu Maalik ka'uu hin oolu.

Imaamu Maalik Akkana je'a:

1. “*Rasuulli s.a.w Akkaataa ficaan itti qulqulleefatan barsiisee Towhiida Osoo hin barsiisin dhiise jechuun waan hin malle.*”¹⁴
2. Imaamu Maalik waa'ee Sifa Rabbiirraa gaafatamanii “*Akkuma dhuftetti (sabachiisaa) bira dabraa.*” Jechuun deebisan.¹⁵
3. Rabbiin Guyyaa qiyaamaa ni argamaa jechurraa gaafatamanii “*ee ni argama. Akkuma Rabbiin Quraana keessatti ‘Fuulli gariin Rabbii ni daawwatti’ je'e sani*” jechuun deebisan.¹⁶
4. Gurbaan tokko Imaamu Maalik Osoo barsiisaa jiruu Masjidaa Ol seenee “**Rabbiin Arshiirratti ol tahe (je'aa Quraanni)** Akkamitti ol tahe?” je'ee gaafateen. Imaamu Maalik dallanee mataa gad qabate, qaamni Isa hurke, san booda ol je'ee “*Ol tahinsi Rabbii waan beekkamaadha, Itti Amanuun dirqama, (akkaataa) gaafachuu Bid'aadha.*”¹⁷
5. Ol tahuu Rabbii hoggaa sabachiisu akkana je'e “*Rabbiin Samii Oli jira, beekkumsi Isaa bakka hunda jira*”¹⁸

12. Zammul Kalaam: 210

13. Daara Quxnii Kitaaba Sifaat: fuula 75, Ajouriin kitaaba Sharii'aa je'amu fuula, 314, Beyhaqii Kitaaba I'itqaad: 118, Ibnu AbdulBar, Tamhiid: 7/149.

14. Ibnu AbdulBar: Iniqaa: 36.

16. Abuu Nu'eymi Kitaaba Hiliyaa: 6/325, Saabuuniin Kitaaba Aqiidatu Salaf: 17-18, Beyhaqii Asmaa wasifaat: 408.

17. Abuu Daawud kitaaba Masaa'ilul Imaam Ahmad: 263, Ibnu Abdul Bar Kitaaba Tamhiid: 8/137.

18. Ibnu AbdulBar Intiqaa keessatti, fuula: 34.

6. Imaamu Maalik Iimaana hoggaa Ibsu akkana je'a "*Iimaanni Jechaa fii dalagaadha, Ni ida'aa, ni irrata (ni xiqqaata).*"¹⁹
7. Sahaabaa Rasuulaa s.a.w Ilaalchisee "*Namni Sahaabaa keessaa namuma tahe tokko hamtuun kaase, yookaan qalbii hamtuun laale, Inni sun qooda Muslimootaa keessaa waa takka hin qabu.*"²⁰ Akkanatti Jaalalaa fii kabajaa Sahaabootaa Ibsa
8. Waa'ee falsafaa Ahbaashii fii warrii Isii duraa ittiin jallatan Ilaalchisee akkana je'a "*Ani Falsafaa amantiitti laaqan (tan kalaama je'aniin) nin jibba, warri biyya teenyaa (Ulamaa'iin Madiinaa) ni jibban, Irraa dhorgan, akka warra Jaahmiyaatti falsafaa naanneessuun jibbamaadha.*"²¹
9. Imaamu Maalik Shirkii fii Falsafaa walitti qabee akka waan takkatti laala, akkana jechuun Ibsa "*Ilmi namaan tokko Osoo diili gurguddoo hunda dalagee shirkii fii falsafaa irraa if eege jannata ni seena.*"²²

Imaamu Maalik Aqiidaan Isaa gabaabdutti kana fakkaata. Imaamni guddaan Ahlusunnaa kun Maqaa Ahlusunnaa Suufii je'amuun If yaame hin beeku, Ilmi namaan tokkolleen Isaan yaamee hin beeku, Inni Imaama Ahlusunnaati. Ahlusunnaa Suufii jechuun falsafaa Ahbaashii tan Mallas maqaa irraa jijjiree moggaase.

Imaamu Maalik Osoo arra jiraate Aqiidaa Ahbaashii tana akkuma Jaahmiyyaa saaxilaa ture, silaa saaxilee qullaa Isaan dhaaba. Imaamu Maalik Rabbi Rahmata haa godhuuf. Imaamu Maalik warra falsafaa kan falamaa guddatu zamana Isaa keessatti akka malee albaasaa ture.

19. Abuu Nu'eymi Hiliyaa keessatti, 6/327.

20. Jaami'I Bayaan Ilm: 415.

21. Hilyaa: 6/325.

Falamaa Isaanii tan faayidaa hin qabneakkana jechuun Muslimoota irraa dhorgaa ture: “*Hoggaa namni falamaa guddatu dhufe hunda, nuti waan Jibriil Nabiyyiitti fide dhiifnee, falamaa (warra falsafaa) fudhanna?*”

Lakkii hin fudhannu Imaama keenya! Falamaa Ahbaashii hin fudhannu! Waan Jibriil Rasulatti s.a.w fide qofa fudhanna!

- **KIJIBA AHBAASHII.**

1. Rabbiin Ol hin jiru, gad hin jiru, mirgaa fii bitaa hin jiru, duubaa fi dura hin jiru, Adunya keessaa fii adunyaa ala hin jiru. (karaa gabaabaatti hin jiru jechuu qofaatu namaaf gala) Ahbaashiin falsafaa akka taate hubachuuf dubbiin tun qofti ni geeysi.
2. Sifa Rabbii hiikkaa jijjiruun dirqama je'an. Imaamu Maalik ammoo “*akkuma dhuftetti sabachiisaa bira dabraa*” je'a.
3. Falsafaa (Ilmul Kalaama) barachuun barbaachisaa je'an. Imaamu Maalik ammo jibbamaadhaa irraa fagaadhaa jechuu bira dabree Shirkiitti dhiheeyse.

Towhiida Rasuulli s.a.w barsiisee jirra. Ulamaa'iin Irraa dhaaltee akka Imaamu Maalik Ibsan kanatti Ibsanii jiran Garuu Ahbaashiin sammuun teenya waan hin fudhanneef Towhiida Misoomaa kan Mallas fii Dr. Shifarraw jaalatan salphaa, falsafaa adda addaarraa qopheessuu qabnaa akka waan je'aniiti.

Amantii Ahbaashii fashaltuu tana qawween malee Ilma namsaa amansiisuun waan ulfaatuuf mootummaan qawwee qabu hundaan bira dhaabbatee nama dirqa.

Sababaa Aqiidaa Imaamman afranii jala deemnuuf nama meeqaatu hidhame, Ajjeefame, biyyaa ari'ame.

Rabbitiin falsafaa Ahbaashii jalaa hawaasa keenya haa baraaru.

Aqiidaa Imaamu Maalik siif wayya moo Aqiidaa Falsafaa tan Ahbaashiiti?

3. IMAAMU SHAAFI'II (Bara 150-204 Hijraa)

Kutaa kana keessatti Imaam beekkamaa biyya teenyatti Mazhabni Isaa haalaan hordofamu laalla. Ahbaashiin Osoo hin qaafatin Mazhaba Shaafi'ii jala deemna jechuun Isii dhugaa moo kijiba?

Imaamu Shaafi'iin Ahlusunnaa Suufiidha?

Imaam Shaafi'ii je'ama maqaan Isaa guutuun Abuu Abdullaah Muhammad binu Idriis Ashaafi'ii je'ama. Dhalooni Isaa bara 150Hijraa/767 A.L.F Gaazaa, biyya Filisxeen keessatti. Duuti Isaa 204Hijraa/820 A.L.F Biyya Misraa keessatti.

Mazhaba Imaamu Shaafi'ii warri hordofu Shaafi'iyyaah je'aman. Mazhaba Afran Muslimoonni Fiqih keessatti hordofan keessaa Mazhaba Irra hedduun Muslimoota hordafan akka tahe himama.

Imaamu Shaafi'iin nama dura Fiqih fii Usulul Fiqh kitaabaan qopheessee ture, Rabbi Rahmata haa godhuuf.

• *Aqiidaa Imaamu Shaafi'ii*

Imaamu Shaafi'iiin Imaama warra Ahlusunnaa ture. Inni takkaa Ahlusunnaa Suufii maqaa je'un kaafamee hin beeku, Inni Suufiyyaa hin turre. Inni Imaama warra Ahlusunnaa qofa, maqaa amma Mallas fii Dr.Shifarraaw Ahbaashiif kennan kana Imaamu Shaafi'iiin irraa quba hin qabu. Osoo jiraate silaa kijibdu tana akkuma Jaahmiyyaa godhe san saaxil isii dhaaba.

Ahlusunnaa Suufii Imaamu Shaafi'iiin irraa qulqulluudha.

Aqiidaan Asi gaditti laallu hundi Aqiidaa Imaamu Shaafi'ii waan Inni ifiif dubbate qofa.

1. Qooda Towhiidaa Sadeen hoggaa ibsu Imaamu Shaafi'iin akkana je'a "*Jechi warra Sunnaa taniin Ani irra jiru, taniin Saahibban kiyya warra Hadiisaa irratti arge, taniin Isaanirraa baradhe, warri akka Sufiyaan As-Sowrii fii Maalik akkasumas warri biraan hundi irra turan, Haqaan gabbaramaan akka Allaah malee hin jirre sabachiisuudha, Muhammad Ergamaa Rabbii tahuu sabachiisuudha, Rabbiin Arshiirratti ol tahuu sabachiisuudha, Uumaa Isaatti akka fedhatti dhalaawa, Rabbiin gama Samii duniyaatti akka Ifiiffedhatti gad bu'a jechuu dhugoomsuudha.*"²³
2. Warra Sifa Rabbii hin sabachiifnee fii warra hikkaa Quraanaa jijiruu qabna je'uun akkana je'a "*Hoggaa nama hikkaan maqaa Rabbii jijiramu qabdi (Zaahiraa miti) ykn dubbiin akka je'ame kanaa miti (Zaahira Quraanarra jiru kanaa miti) je'u argite, Nama san Zindiiqa (nama amantii hin qabne bazbaza) tahuu Isaa beeki.*"²⁴
3. Rabbiin Sifa Ifiin yaame sabachiisuu Ilaalchisee akkana je'e "*Faarun tan Rabbiiti, Kan siifa Isaan maltuun if dubbate, kan hanga namni Isa wassafuu olitti If wassafe (hangaa namni Isarraa dubbatee waa'ee Isaa himuu olitti waa'ee ifii dubbate.)*"²⁵
4. Ammas akkana je'e: "*Sifa Rabbii tan Quraanaa fii Hadiisa keessatti dhufte hunda ni sabachiifna, garuu fakkeessuu fii akkaataa dubbachuu irraa fagaanna,akkuma Rabbiin je'e 'wanni takkalleen fakkaataa Rabbii hin taane, Inni dhagayaadha, Argaadha'.*"²⁶
5. Iimaanni maal akka tahe hoggaa Ibsu akkana je'e "*Iimaanni (amanuun) Jechaan dubbachuu, dalagaa qaamaa fii qalbiidhaan dhugoomsuu tahuu qaba.*"²⁷

22. Al-Uluw Imaamu Zahabii, fuula 120, 176.

23. Ibnu Abdul Bar Kitaaba Intiqaa, fuula 79.

24. Ar-Risaalaa Kitaaba Imaamu Shaafi'ii fuula 7, 8.

25. Siiraa A'alamu Nubala 20/341.

26. Al-Intiqaa: 81

27. Zammul kalaam: 215, Siiraa A'alamu Nubala 10/31

6. Firqaa Jaloo akka Ahbaashii jalatti salaatuun akka hin taane hoggaa dubbatee jira “*Raafidaa (Shii’aa), Murji’aa fii Qadariyyaa jalatti hin salaatinaa. Murji’aan Iimaanni afaanumaan dubbachuu qofa je’an. Raafidaan Abuu Bakrii fi Umar Khaliifaa miti je’an. Qadariyyaan warra waan ifiif feene daleyna malee Rabbiin humaa hin qaddarree je’u.*”²⁸
7. Warra falsafaa ilaachiseeakkana je’an “*Warra Falsafaa kana taraa takka qofan Isaan wajjiin falame, Saniif jecha hoggaa hunda araarama Rabbii kiyyarran barbaada.*”²⁹
8. “*Nama falsafaa baratee amantiin Isaa nagaya baate argee hin beeku*”³⁰
9. Imaamu Shaafi’iin Jibbeensa falsafaaf qaburraa Nama Falsafaa baraturra nama dilii hunda dalageetu irra wayya waan shirkiraa fagaateen hanga jechuu gaheetii jira. “*Ilmi namaa tokko diili hunda dalagee shirkii qofarraa fagaatutee jiraatuutu, Falsafaaa (kalaama) baraturra irra Isaaf caala.*”³¹
10. Sahaabaa Rasuulaa s.a.w Ilalchisee akkan je’e “*Rabbitin Sahaabaa Rasuulaa s.a.w faarsee jira, Rasuulli s.a.w sadarkaa Isaanii dubbatee jira, Isaan booda sadarkaa akka Isaanii namni qabaatuu dandahu hin dhufu.*”³²

Aqiidaan Imaamu Shaafi’ii gabaabsinee tana fakkaatti. Inni Ahlusunna wal jama’aa ture. Aqiidaa Salafaa qulqulluu tana nuuf dubbatee jira. Rabbiin Rahmata haa godhuuf Imaamu Shaafi’ii.

28. Zammul Kalaam: 213, Siiraa A’alamu Nubala: 10/30

29. Al-Ibaanatul Kubraa: 535, 536

30. Manaaqib Shaaifi’ii kitaaba Ibnu Abii Haatim: 182.

31. Manaaqib Shaaifi’ii: 1/442

32. Manaaqib Shaaifi’ii: 1/442

• **KIJIBA AHBAASHII**

Ahbaashiin nuti Shaafi'iyyaah ifiin je'an, garuu Imaamu Shaafi'iin waan Isaan uuman hundarrraa qulqulluudha. Kan nama dhiibuu Mazhaba Isaaniitis Shaafi'iyyaa tahu kan nuuf himu Dr. Shifarraawii fi Mallas tahuu isaati.

1. Imaamu Shaafi'iin Suufiyyaa maqaa je'amuun kaafamee hin beeku.
2. Maqaa Ashaa'iraa je'amuun If yaameetis hin beeku, Namni akkasitti isa Moggaases hin jiru.
3. Imaamu Shaafi'iin Sifa Rabbii tan Quraanaa fii Hadiisni dubbate hunda akkuma dhufteetti sabachiisuu amana, Ahbaashiin akka waliin quba qabnu bazbazaa fii falsafaadha. Hikkaan jijiramuu qaba je'an.
4. Ahbaashiin falsafaa keessa achii kuttee, wanni Isiin jettu Rabbiin akkas jechuu Isaati miti,akkana jechuu fedhe, aqliin hin fudhattu, waan kana fakkaatu dubbatan. Imaamu Shaafi'iin namaakkana godhatu hoggaa argitan **Zindiiqa** (nama amantii hin qabne bazabazaa) jechuu itti murteesaa je'a.
5. Imaanni (amanuun) Ahbaashii biratti Afaaniin guyyaa tokko "**Iaa Illaaha Illallaah**" jechuun gahaadha, feetu umrii tee guutuu hin salaatin, akka feetetti haraama dalagi humaa hin qabu. Imaamu Shaafi'iin ammoo Iimaanni afaaniin dubbachuu, qaaman dalaguu, qalbiin dhugoomsuu tahuu qaba je'e.
6. Imaamu Shaafi'iin namni Iimaanni afaaniin dubbachuu qofa je'u Murji'aadhaa jalatti hin salaatinaa jechuun Muslimoota gorsa. Ahbaashiin waan jechuuf taa'aan ani hin beeku.
7. Ahbaashii baratti falsafaa (Ilmul kalaam) barachuun dirqama. Imaamu Shaafi'iin Nama kalaama baratee amantiin Isaa nagaya baateef argee hin beekuu je'a.

Afaan si hin Murin Imaamu Shaafi'ii! Dhugaa dubbatte!

Tanaaf Ahbaashiin akka Imaamu Shaafi'iin je'e kanatti falsafaa (Kalaama) umrii itti fixxee amantiin isii laaqamte, bazbazaa Zindiiqa taatee hafte.

Ahbaashii fii Imaamu Shaafi'ii maalumaatu walitti Isaan fidee?

Samii fii dachii walitti fiduutu irra dhihaata!

Rabbiin warra haqa wajjiin deemu nu haa godhu.

>>>>>><<<<<<>>>>>>>>>>>>>><<<<<<>>>>>>>>>

4. IMAAMU AHMAD BINU HANBAL (*Bara 164-241 Hijraa*)

Aqiidaa Imaamman afranii wal hin dhabdu. Hundi Imaamman warra Sunnaati, Isaan Aqiidaa salafaa qulqulluu barsiisaa turan. Saniif jecha rakkoo adunyaa hedduu qunnaman. Rabbiin hunda Isaanii irraa haa jaalatu. Tokkolleen Isaan keessaa Ahlusunnaa Suufii je'amee hin jiru.

Imaamu Ahmad binu Hanbal bara 164 Hijraa/ 780 A.L.F Iraaq magaalaa Baghdaad keessatti dhalate. Bara 241 Hijraa/ 855 A.L.F du'ee Adunyarraa gara Jalqaba jiruu Akhiiraatti gargale.

Imaamu Ahmad Aqiidaa keessatti sadarkaa guddaa qaba, rakkoo hedduu sababaa Aqiidaa Salafaa qunnamee jira. Inni moggaasa “Imaamu Ahlusunnaa” (duree warra Sunnaa) je'amuun moggaafame jira.

Zamana Mu'tazilaan Mootummaa gargaarsifattee dirqamaan nama kafarsiistu (Akkuma amma biyya teenyatti mootummaa gargaarsifatanii nama kafarsiisaa jiran kana) Imaamu Ahmad dura dhaabbannoo guddaa godhe.

Koree “Mihna” (Qorattuu) je'amtu hundeessanii namuu qoratamaa ture. (Akkuma Amma Majlisni Dr. Shifarraawiin hogganamu itti jiru kana.) Gaafiiin nama hundaaf dhihaattu “Quraanni Makhluuqa (waan uumame) malee jecha Rabbiiti miti” namuu gaafii tanaaf eeyyee jechuun yoo hin deebisne, ni ajjeefama, ni hidhama ture.

Imaamu Ahmad akkas jechuu didee hidhamee, tumame Irra aanaa Imaam warra Sunnaa je'amee moggaafame. Akkanatti amantiin as geeyse. Arra garuu biyya teenyatti Wayyaaneen warra Aqiidaa Sunnaa namaaf kennuu fii namarrea fuudhu tahani Muslimoota hidhaa, ajjeesaa jiran.

• *Aqiidaa Imaamu Ahmad*

Imaamu Ahmad Aqiidaa tee nuuf himi yoo jenneenakkana taha deebisaan Isaa. Dubbiin Asii gadii hundi tan Imaamu Ahmad binu Hanbali:

1. “*Rabbiin durillee, arrallee dubbataadha. Quraanni jecha Rabbiiti, uumamaa miti. Rabbiin sifa hanga Inni nuuf dubbate qofaan wassafama malee itti hin Ida’amu.*”³³
2. Imaamu Ahmad Hadiisa Sifa Rabbiirraa dubbatu kan Jahmiyyaan diddu, waa’ee Rabbi arguu, Isr’aa, Arshii kanaan maal jetta? Je’amee gaafatameeakkana je’e “*Hadiisa kana warri Sunnaa qeebalee waliif dabarsee jira, kanaafakkuma dhuftetti Sabachiifnee bira dabarra.*”³⁴
3. “*Namni Rabbiin hin dubbatu je’u Kaafira.*”³⁵
4. “*Hadiisa Rabbiin guyyaa Qiyaamaa akka argamu dubbatu itti amanna, dhugaadha.*”³⁶
5. “*Sifa Rabbii tan Inni ifiin yaame Isaaf sabachiisaa, tan inni ifirraa dhabama godhe Isinis Isarraa dhabama godhaa (Rabbiin hin wassafinaa)*”³⁷

33. Kitaabul Mihna kan Hanbal: 68

34. Xabaqaatul Hanaabilaa: 1/56

35. Sunnaa Kitaaba Abdullaahi binu Ahmad binu Hanbal: 17

36. Sharhu I’tiqaadi Ahlisunna wal Jama’aa: 2/507

37. Manaaqibul Imaam Ahmad Kitaaba Ibnul Jowzii: 221.

6. Waa'ee Jaahmiyyaa haadha Ahbaashii ilaalchiseeakkana jechuun ibsa godhe “*Jahm Ibni Safwaan (Abbaan firqaa Jahmiyyaa)* “*Namni Sifa Rabbii tan Quraanaa fii Hadiisa keessatti dhufte sabachiisu kaafira, Rabbi uumatti fakkeese*” jechuun kijiba dubbata.”³⁸
7. Rabbiin ol tahuu Jahmiyyaa fii Ahbaashiin didduu Imaamu Ahmad akkatti sabachiisa “*Nuti wanni amanu Rabbiin Arshiirratti akka ifiif fedhetti ol tahee jira, daangaan maleetti, Ilmi namaa akkaataa himuu hin dandahu.*”³⁹
8. “*Namni Rabbiin guyyaa qiyaamaa hin argamu je'u Kaafira.*”⁴⁰
9. Rabbiin gaafa Nabi Muusaa dubbise sagaleen hin dubbifne warra je'u akkam jettaniin? Jechuun gaafatamee akkatti deebise “*Rabbitin sagaleen dubbate, Hadiisa kanaakkuma dhufetti dabarsina.*”⁴¹
10. Iimaanni maal akka tahe hoggaa Ibsuakkana je'e “*Iimaanni ni dabala, ni xiqaata. Akkuma Hadiisa keessatti dhufe.*”⁴²
11. “*Salaanni, Zakaan, Hajjiin, gaarii dalaguun hundinuu Iimaana. Dilii dalaguun Iimaana ni xiqqeesa.*”⁴³
12. “*Iimaanni jechaa fii dalagaadha, ni dabala, ni xiqqata. Namni tokko zinaa yoo dalage, farshoo yoo dhuge Iimaanni isaa ni xiqaata.*”⁴⁴

38. Ar-radu Alal Jahmiyyah Kitaaba Imaamu Ahmad: 104

39. Dar'uu ta'arudi naqli wal aqli Ibnu Teymiyyaa: 2/30. Abdulqaadir Jeylaanii Kitaaba Isaa “Al-Ghuniyyaa li-xaalibii Xariiq Al-haqq” fuula: 98

40. Xabaqaatul hanaabilaa: 1/59, 145.

41. Xabaqaatul Hanaabilaa: 1/157.

42. Manaaqibu Imaamu Ahmad: 173.

43. Sunnaa Kitaaba Khallaal: jecha “Qowlii” 97ffaa.

44. Sunnaa kitaaba Abdullaahi binu Ahmad: 1/307.

13. Sahaabaa Ilaalchisee akkana jechuun Aqiidaa warra haqaa ibsa “*Aadaa warra Sunnaarrraa Sahaabaa hunda waan gaariin kaasuudha. Hamtuu Isaanii dubbatuu dhabuudha. Wal dhabpii Isaan jiddutti argamtes irraa dhaabbachuudha.*”⁴⁵
14. Falsafaa Ahbaashiin barsiistu Ilaalchisee akkana je’e “*Namni Falsafaa (kalaama) jala daddeemu hin milkaawu. Namni Falsafaa hordofu booddee Jahmiyyaa tahuun Isaa hafa hin qabdu.*”⁴⁶
15. Warra falsafaa Osoo hanga fedhan Hadiisa beekanillee itti hin dhalaawinaa je’ a “*Warra falsafaa (kalaamaa) waliin hin taa’iinaa, Osoo Sunnaa Rasuulaatiif s.a.w kan tumsan tahanillee.*”⁴⁷

• **KIJIBA AHBAASHII**

Ahbaashiin Aqiidaa Imaamman Afranii guututti hin fudhattu. Isaan warra falsafaadhaan Islaama balleysuuf karoorfate. Aqiidaa Imaama Ahlusunnaa wajjiin hogga walitti laalle kijbni Isii hedduudha.

1. Rabbii sifa ifiin dubbateen hin yaamamu jechuun tarree Jaahmiyyaa keessa jiran.
2. Warra Sunnaa Kan sifa Rabbii akkuma Inni ifiin yaametti sabachiifna je’aniin, Kaafira jechuudhaan tarree Jaahmiyyaa keessa jiran. Imaamu Ahmad Jahm Ibnu Safwaan akka warra Sunnaatiin Mushabbihaa je’u dubbatee jira. Jahm binu Safwaan ni kijiba, Ahbaashiinis kijibduudha. Namni Rabbiin uumaa fakkaata je’ e warra Sunnah keessa hin jiru, garuu waan Inni ifiin je’ e ni jennaan!
3. Ahbaashiin Sahaabaa arrabsuun tarree Shii’aa keessa jiran.

45. Sunnaa Kitaaba Abdullahi binu Ahmad: 77-78.

46. Al-Ibaanaa: 2/538.

47. Manaaqib Imaam Ahmad: 205.

4. Falsafaa barachuu fii barsiisuun amantiin Isaanii tan Jaahmiyyaa akka taate dirree bahanii jiran.
 5. Rabbiin hin dubbatuu jechuun Jaahmiyyaa wajjiin waliif galanii jiran.
 6. Iimaanni guyyaa tokko qofa “Laa ilaaha Illaallaah” jechuudha, hin ida’u, hin xiqqaatu. Farshoo namni dhuguufii kana halkan dhaabbachaa bulu hundi Iimaanaan wal qixa jechuudhaan, tarree Murji’aa keessa jiran.

Ahbaashiin akkanatti bakka hundaa bazabazaa gurrate Amantii “Bayya aynatuu” makamtuu taatee hafte. Falsafaan Isaan irraa waa hin fudhatin hin jirtu.

Kan nama dhibu firqaa hundarrraa jallina qofa fudhachuu Isaaniiti.

Ammas Kan nama dhiibuu Mallasii fii Dr. Shifarraaw Ahlusunnaa Suufii Isaaniin je'anii Muslimootaan wahbiyyaa jechuu Isaaniiti!

Mee Isiin Ahbaashiidhaan Sunnii moo Bazabazaa “bayya aynatuu” moo
“Falsafaa Ispriisi” moo maal jettaniin?

Xumura Aqiidaa Imaamman Afranii

Amantiin Muslimni itti amanu tan Rasuula s.a.w fii Sahaabaan amanaa turan, tan Imaamman afrun irratti waliif galan, tan Imaamman Salafaa hundi barsiisan akka argitan kana.

Aqiidaa Imaamman Afranii akkuma dura Isiniif hime bakka Ahbaashiin hin amannee fii ittiin nama kafarsiistu qofa irratti xiyyeefadhe.

Imaamman Salafaa kan biroo hedduu jira. Hundi Aqiidaa takka qabaachaa turan. Maqaan Isaanii Muslima, Ahlus-Sunnaa, Ahlul Hadiis (warra Hadiisaa) jechuun beekkaman. Salafa keessaa Namni Ahlus-Suufii jechuun Maggaafame ykn if yaame hin jiru. Ahlus-Sunnaan takkattiidha. Isaan warra Aqiidaa Qulqulluu qabatani, warra Kitaabaa fii Hadiisa jala akkasumas Imaamman Islaamaa gurguddaa hordofani. Falsafaa fii Shirkii irraa warra qulqullaawe.

Ahbaashiin ykn warri Mootummaan Ahlus-Sunnaa Suufii jechuun moggaaste Amantii Haarawa Falsafaa gosa hundarraa walitti qabamtee uumamte. Isaan warra Shirkii fii Falsafaatti Muslimoota yaamu. Adawwiin Isaanii warra Ahlus-Sunnaa qulqulluu kitaaba Rabbii jala deemu hunda. Kanaaf nama Amantii Isaanii fokkoottu didee, Karaa qajeelaa Imaamman Islaamaa qabateen “Wahbiyyaa” jechuun maqaa itti baasanii duula itti banan.

Namni sammuu qulqulluun Aqiidaa Imaamman Afranii fii Salafootaa dubbise hundi akka Ahbaashiin jallina taate beekuun salphaadha.

Aqiidaa Imaamman Afranii akka gubbaatti argitan kana.

AQIIDAA IMAAMMAN HADIISAA

Imaamman Hadiisaa eenyu?

Imaamman Hadiisaa Sahaabaa fii warra Isaan boodaa kan karaa Isaanii qabate. Warra Hadiisa Rasuulaa s.a.w walitti qabee nuun gahe. Isaan Aqiidaan Isaanii Quraanaa fii Hadiisa. Isaan Bid'aa hunda didanii Hadiisa Rasuulaa s.a.w Sahiiha qofa jala warra deemu. Warra barnoota hunda caalaa Hadiisa irratti xiyyeefachuun Amantii Islaamaa falsafaa fii shirkii adda addaa jalaa nagaya baase. Kanaaf “Ahlul Hadiis” warra Hadiisaa jechuun beekkaman.

Imaamman Hadiisaa Imaamman Afran wajjiin warra Hadiisa walitti qabe hunda. Warra Hadiisa Rasuulaa s.a.w haffaze.

Imamu Maalik Kitaaba Hadiisaa “Muwaxa’aa” je’amu walitti qabee jira. Imaama Hadiisaa guddicha ture.

Imamu Shaafi’iin Kitaaba Hadiisaa “Munas Ash-Shaafi’ii” jechuun beekkamu walitti qabee jira.

Imamu Ahmad Hadiisa Rasuulaa s.a.w irraa Odeeyfame Sahiihaa fii Da’iifa jidduu Miliyoona tokko Haffazee jira.

Kitaaba “Munad Imaamu Ahmad” jechuun beekkamu qaba. Kitaabni sun Haadisa kuma 40 akka if keessatti qabatee jira.

Kanaaf Imaamman Afran warra Hadiisaati. Wanni kophaa bahaniin Mazhaba Fiqhii kan namni itti hidhatu qabaachuudhaan Imaamman biraan caalaa Muslimoota keessatti waan beekkamaniif.

Imaamman Hadiisaa keessaa beekkamoo Aqiidaa Isaanii akka barruuf jecha kophaa baasuuf yaade malee Salafni hundi “Ahlus-Sunnaa, Ahlul Hadiis, Ahlul Asar” jechuun beekkaman. Warra Sunnaa, Warra Hadiisaa, Warra Hadiisa dhaale jechuudha.

1. IMAAMUL BUKHAARII (Bara 194-256 Hijraa)

Maqaan Isaa Abuu Abdullaah Muhammad binu Ismaa'iil Al-Bukhaarii.

Bar 194 Hijraa Bukhaaraa biyya Khuraasaan je'amtu tan amma Uzbeekistaan je'amtu keessatti dhalate. Imaamul Bukhaariin Kitaaboota hedduu qaba. Kitaabni Isaa Sahiihul Bukhaariin Quraanatti aanee warra Sunnaa biratti qulqullinaan fudhatama. Hadiisa kuma 7 ol walitti qabata. Imaamul Bukhaariin Barsiistoota kuma 1 olirraa baratee jira. Kitaaba Sahiihul Bukhaarii malee Kitaaba biraa "Adabul Mufrad" Kan haalaa fii amala gaarii irratti xiyyeefatuu fii Kitaaba "Khalqu Af'aalul Ibaad" Kitaaba je'amu, akkasumas kitaaboota biraa ni qaba.

Imaamul Bukhaariin Muslimoota Sunnaa biratti beekkamaadha. Hadiisa Rasuulaa s.a.w walitti qabuun Muslimootaaf faayidaa guddoo lafa kaayee jirra. Imaamul Bukhaarii dalagaa Isaa Rabbi irraa haa jaalatu bara 256 Hijraa Khuraasaanitti du'ee awwaalame.

• Aqiidaa Imaamul Bukhaarii⁴⁸

Aqiidaa Imaamul Bukhaarii beekuuf Sahiihul Bukhaarii Kitaabu Towhiid Laaluun ni gaha. Hadiisa Sifa Rabbii dubbatu hunda sabachiisee hiikkaa Isaa Osoo hin jijirre Salafni akkanatti amana jechuun ibsa.

48. Kitaaba "Sharhu Usuuli I'itaqaadi Ahlus-Sunnaati Wal Jamaa'aa" Fuula 176-179 kan Imaam Hibatullaah binu Zeydi Al-Laalkaa'ii. Imaamu Al-Laalkaa'iiin bara 418 hijraa du'e. Muhaddisa beekkamaa Baghdaad. Imaamu Zahabiin waa' ee Isaa hoggaa dubbatu akkana je'e "Inni Imaama Hadiisa hedduu haffaze, Imaama Qir'aati, Baghdaad akkan warra fayyade keessaa tokko" Siiraa A'almu Nubala.

Aqiidaa keessatti Imaamul Bukhaariin akki je'e:

“Dhugumatti warra Sunnaa kan beekkumsa qaban kuma 1 ol qunnamee jira. Biyya adda addaatti Isaanirraa dhagayee jira. Makka, Madiinaa, Iraaq, Shaam, Misra fii bakka adda addaatti Isaan dubbisee jira.

Maqaa ulamaa'oota biyya adda addatti qunnamee keessaa garii eega dubbate booda *“Isaan hundi waan kanaa gadii irratti waliif galanii jiran. Nama tokko Isaanirraa kan yaada kana keessatti wal dhabe argee hin beeku”* jechuun Aqiidaa Isaanii tarreeysa:

1. Iimaannii/Amantiin jechaa fii dalagaan argamuu qaba.
2. Qur'aanni Jecha Rabbiiti, waan guyyaa keessaa uumamee miti.
3. Hamtuu fii Gaariin Rabbirraahi, waan Inni fedheetu argama.
4. Rabbiin Arshiirratti ol tahee jira, Uumaa Isaatiin adda bahaadha, akkuma Inni Kitaaba Isaa keessatti ifiin je'e, akkuma Rasuulli Isaa s.a.w je'etti Ol tahee jira akkaata a gaafachuun maleetti.
5. Rabbiin Arshiirratti akka Isaan malutti Ol tahee jira.⁴⁹
6. Warri Amane Rabbii Isaanii guyyaa Qiyaamaa Jannatatti Ijaan ni ni arguuf, Sagalee Isaa ni dhagayan akka Rabbiin fedhetti.
7. Ulamaa'iin qunnama san hunda keessaa nama tokkollee kan Sahaabaa Rasuulaa s.a.w hamtuun kaasu argee hin beeku.
8. Waan Rasuulli s.a.w itti hin ajajin, Ifiif hin dalagin Bid'aa hunda irraa dhorgan, ni balaaleefatan.
9. Karaa Sahaabaan Rasuulaa s.a.w irra turtetti nama yaaman, irratti jajjabaatan.
10. Mootii Islaamaa irratti lola akka hin banne waliif dhaaman.

49. Sahih Bukhaarii, Hadiisa: 7418

11. Namni Quraanni Uumama je'u Rabbii guddatti kafaree jira, Islaamummaa keessaa bahee jira. Namni Nama san Osoo beekuu hin kafarsiisne Inninuu Kaafira.
12. Namni Quraanni nuti Qaraanu uumama je'u Jaahmiyyaadha.
13. Mallattoon warra Bid'aa (warra karaa irraa jallatee) warra Sunnaa xiqqeysuu fii maqaa Isaaniif baasuudha.
14. Imaama Islaamaa wajjiin Jihaadaa fii Hajji godhuun Dirqama Hanga guyyaa qiyaamaatti. Jihaada godhuun hin dhaabbatu hanga Qiyaamaatti, Dureewwan Muslimootaa waliin itti fufa, wanni Isa dhaabu tokko hin jiru.
Jahmiyyaan warra Sunnaatiin “Mushabbihaa ykn Mujjasimaa” je'aniin. Rabbi uumatti fakkeeysuu jechuudha.
Raafidaan/Shi'aan warra Sunnaatiin “Naasibaa” je'aniin. Warra Aliyyii fii maatii Rasuulaa s.a.w jibbu jechuudha.
Garuu maqaan Isaan baasan kun tokkolleen warra Sunnaatiin hin malu. Isaan maqaa kanarrraa qulqulluudha. Isaan warra Sunnaati.

KIJIBA AHBAASHII

Ahbaashiin falsafaa qulqulluu tahuu Isii beekuun salphaadha. Ulamaa'ii hunda faalleeysanii kophaa falsafaa ifiif uuman jala deemaa jiran.

Imaamul Bukhaariin Rabbiin Ol tahe je'a.

Ahbaashiin ol hin jiru gad hin jiru, adunyaa keessa hin jiru, adunyaa ala hin jiru je'an.

Sahaabaa ni arrabsan.

Iimaanni guyyaa tokko qofa afaaniin “Laa Ilaahe Illallaahu” jechuudha. San booda Iimaanni nama saniitiiffi Iimaanni Rasuulaa s.a.w wal qixa jechuu Isaaniiti. Badii fedhe dalagus Iimaanni Isaa guutuudha.

Warri Bid'aa maqaa namaa baasuun dur eegalte. Imaamul Bukhaariin warri Bid'aa warra Ahlus-Sunnaatiif maqaa adda addaa baasa jechuun Ibsee jira. Kunoo Ahbaashiin akkuma Jahmiyyaan Imaamul Bukhaariifaadhaan jettu nuun jechaa jirti. “Mushabbihaa, Mujjasimaa” sifa Rabbii waan sabachiifneef “Mujassimaa” nuun jetti. Rabbi Uumatti fakkeeytsitan jechuu Isiiti. Jahmiyyaa fii Ahbaashiin takka tahuu Imaamul Bukhaarii irraa hubannee jirra.

Ahbaashiin waan Rasuuli s.a.w itti hin ajajin, kan ifiif hin dalagin, kan Sahaabaan hin dalagin amantiidha jechuun itti jiran. Mowlida, Qabriif qaluu, Awliyaa yaammachuu fii Shirkiin isaan hambisan hin jirtu.

Imaamul Bukhaarii jala deemuutu nuuf wayya moo Ahbaashiidha?

Filannoon tan abbaati!

Abbaan fedhe Falsafaa filatuu, Abbaan fedhes Sunnaa filachuu dandaha!

2. IMAAMU TIRMIIZII (Bara 209-279 Hijira)

Maqaan Isaa guutuun Abuu Iisaa Muhammad binu Iisaa At-Tirmiziidha. Bara 209 Hijiraan bakka Tirmiiz je'amtu tan amma Uzbeekistaan keessatti argamtutti dhalate. Bara 279 Hijira du'e. Ulamaa'ii Hadiisa Haffazanii walitti qaban keessaa tokko. Kitaaba "Jaami'ii At-Tirimizi" ja'amu kan Sunan At-Tirmizi Jechuun beekkamu keessatti Hadiisa Rasuulaa s.a.w walitti qabee jira. Akkasumas Kitaaba "Shamaa'ilul Muhammadiyyaah" je'amu keessatti Hadiisa Sifa Rasuulaa fii Jiruu Isaa akkaataa itti jiraate himu walitti qabee jira. Namni Rasuulli s.a.w maal fakkaataa bifaa Isaa baruu fedhe Kitaaba Shamaa'ilul Muhammadiyyaa dubbisuu qaba.

• *Aqiidaa Imaamu At-Tirmizi*

Imaamu Tirmiziin Aqiidaa irratti xiyyefatee Kitaaba barreeysuu baatus kitaaba Isaa kan Sunan At-Tirmizi je'amu keessatti Aqiidaa isaa Ibsee jira.

Imaamu Tirmiziinakkana je'a:

1. "Sahaabaan Rasuulaa s.a.w waan takkallee ibaadaarraa dhiisuu Isaa kufriitti hin laalan, Salaata dhiisuu malee."⁵⁰
2. Abuu Mus'aab Al-Madiinii irraa odeeysee waa'ee Iimaanaa hoggaa Ibsuakkana je'e : "Namni Iimaanni jecha afaanii qofa je'u Towbaa godhuu qaba, yoo dide Mormi irraa darbamuu qaba."⁵¹
3. Sifa Rabbii Ilalchiseeakkana je'a "Hadiisni waa'ee sifa Rabbii dubbatu kan akka Halkan hunda gama boodaa gad bu'uu Rabbii, Harkaa fii sifa biroollee sabachiisuu fii itti amanuun Aqiidaa warra Sunnaati. Akkamitti? jechuun hin taatu. Imaam Maalik, Sufiyaan

50. Sunana Titmizii Hadiisa:2622

51. Hadiisa: 2622

Binu Uweeynaa fii Abdullaahi Binu Mubaarak ‘*Hadiisa Sifa Rabbii dubbattu akkuma dhuftetti sabachiisaa bira dabraa, akkaataan maleetti.*’ Je’an. Kuni Aqiidaa warra beekkumsa qabuu tan warra Ahlusunnaa wal jamaa’ati.”

“Ammoo Jahmiyyaan Hadiisa waa’ee sifaa dubbatu kana ni didan. ‘Fakkeeysuudha’ je’an.”

“*Rabbiin Qur'aana Isaa keessatti bakka heddutti Harka Isaa, Dhagayuu fii Arguu Isaa dubbatee jira. Jaahmiyyaan Aayaatoota kana hunda karaa ifiif feetetti hiikuudhaan Ulamaa'ii Islaamaa khallaftee jirti. Jaahmiyyaan ‘Rabbiin harka hin qabu garuu Harka jechuun dandeetti jechuu Isaati’.*” Ja’an.

“*Is’haaq Binu Ibraahim akki je’e: ‘Fakkeeysuu jechuun yoo Harki Rabbii akka harka kiyyaati je’e, ykn Harka kiyya fakkatti je’e, Argaan kiyya kan akka Rabbiiti je’e, dhageeytiin tiyya tan akka Rabbiiti je’e hoggaa san fakkeeysee jira. Garuu Yoo akka Rabbiin ifiin je’e qofa je’e Harka, Argaa, Dhageeytii, kan akkaataa hin dubbanne, kan akka kiyyaati yoo hin jenne kuni Fakkeeysuu hin je’amu’.*”⁵²

KIJIBA AHBAASHII

Ahbaashiin Jahmiyyaa tahuu Isii Imaamu Tirmiziin addeeysee jira. Ahbaashiin Kijibduun Ahlusunnaa Suufii ifiin jetti. Imaamu Tirmiziin Ahlusunnaa malee Ahlusunnaa suufii Jahmiyyaa tahuu isii himee jira.

1. Ahbaashiin Rabbiin Harka hin qabu, Harka jechuun dandeetti jechuudha jechuun hoggaa hiikan Jahmiyyaarraa akka fudhatan ragaadha.

52. Kitaaba dura dubbatame Hadiisa: 661

2. Iimaanni Afiaaniin guyyaa tokko dubbachuu qofa. San booda haraama feete daleeydus Abu Bakar Siddiq fi Umar wajjiin Iimaanni keessan wal qixa.
 3. Imaamu Tirmiziin namni Salaata dhiise Sahaabaa Rasuulaa s.a.w biratti akka Kaafiratti laallaman je'e. Ahbaashiin ammoo namni guyyaa tokko "Laa Illaaha Illallaah" Afiaaniin je'e Salaata dhiisu, Shirkii dalagu, Qabriif qalu, Soomanaa fi Zakaa dhiisu Iimaanni Isaa guutuudha. Iimaanni nama hundaa wal qixa je'an. Imaanni hin irratu, hin dabalu. Wal qixa.

Falsafaan Ahbaashii Ahlusunnaa wajjiin wal hin himtu. Samii fii dachii adda fagoodha.

Falsafaa Ahbaashii tana Qawwee fii gargaarsi Yahuudaa yoo bira hin jiraanne namni 2 jala hin deemu. Kanaaf qawween Mootummaan bira dhaabbatti.

Rabbiin Falsafaa Jaloo Ahbaashii jalaa ummata Muslimaa nagaya haa baasu.

4. IMAAM ABUU JA'FAR AX-XABARII (Bara 224-310 H)

Imaam Abuu Ja'far Muhammad binu Jariir Ax-Xabarii bara 224 Hijiraan Xabaristaan bakka je'amtutti dhalate. Xabaristaan amma biyya Iraan je'amtu keessatti argamti.

Imaamu Ax-Xabariin Beekaa Seenaa, Beekaa Hadiisaa, Beekaa Tafsiiraa fii Fiqhiti. Kitaabni Isaa “Tasfiir Ax-Xabarii” jechuun beekkamu **“Jaami’ul Bayaan fii Ta’wiil Al-Quraan”** Tafsiira Ulamaa’iin Islaamaa irratti waliigaltee hanga arratti jala deemtu tahuun beekkama.

Tafsiirri Imaamu Ax-Xabarii Tafsiira Aqlii fii Falsafaa Osoo hin tahin Tafsiira Sahaabaa fii Taabi’inootaa walitti qabe. Aayaata hunda akka Sahaabaan itti hiikan hima malee hikkaa Isaa if biraa fidee irratti hin gurre. Saniif Tafsiirri Isaa Tafsiira Quraanaa qofa osoo hin taane akka kitaaba Hadiisaa fii Aqiidaatti laallama.

Imaamu Xabariin Kitaaba Seenaa “Taarikhu Ar-Rusul wal Muluuk” je’amu qaba. Namni Seenaa Islaamaa fii Arabaa Qoratuu fedhe Kitaaba kana dubbisu malee Qorataa seenaa hin je’amu. Akkasumas barruu gabaabduu “Sariihu Sunnaah” jechuun Aqiidaat Ahlusunnaa keessatti Ibse qaba.

Ibnu Jariir Ax-Xabariin Ulamaa’ii Hadiisaa gurguddoo keessaa laallama. Bara 310 Hijiraan Hojii Isaa ta hanga guyyaa Qiyaamaa Isaaf dubbatamtu dhiisee biraa du’e.

Rabbiin Jannataan Isa haa qananiisu.

• *Aqiidaa Ibnu Jariir Ax-Xabarii*

Imaam Ax-Xabariin Aqiidaa Isaatii fii Aqiidaa Salafaa barruu gabaabduu “Sariihu Sunnaah” Jechuun qopheeyse keessatti Ibsee jira.

1. Quraanni Jecha Rabbii tahuu hoggaa Ibsuakkana je'e: “*Quraanni jecha Rabbiiti, Isaatu dubbate, waan uumamee miti. Quraanni akka fedhetti katabamu, bakka fedhetti qara'amu, dubbi Rabbiiti. Waraqaaarratti barreeyfamaadha, Qooma namaa keessatti haffazamaadha, Arrabaan qara'amaadha, akka hundatti jecha Rabbiiti.* *Namni kana malee waan biraadubbatu, ykn Namni Quraanni Samii jiruu fii kan nuti dachii keessatti Arraba keenyaan qaraanu, kan xalaayaarratti barreeysinu wal dhaba je'u ykn akkas yaadu, Namni sun Kaafira dhiigni Isaa halaali, Rabbiin Isarraa qulqulluudha, Innis Rabbiirraa qulqullaawee jira.*”

Ammasakkana jechuun Ibsa:

“*Rabbiin Quraanni Lowhal Mahfuuz keessatti galmeefamaadha jechuun ragaa bahee jira. Muhammad Ergamaa Isaa s.a.w irraa ni dhagayama, Quraanni tokkuma, Muhammad s.a.w irraa kan dhagayamuu fii Lowhal Mahfuuz keessatti kan galmaawes tokko. Akkasumas qooma keessatti haffazamaadha, arraba nama qara'uutiin qara'amaadha, hundi Quraana tokko, hundi jecha Rabbiiti.*”⁵³

2. Warri Amane Rabbii Isaanii akka argan hoggaa dubbatuakkana jechuun dubbate: “*Mu'minoonni (warri amane) Guyyaa Qiyaamaa Rabbii Isaanii akka inni fedhetti ni argan. Tun Aqiidaa Ahlusunnaati, Aqiidaa teenya tan Rabbiin itti gabbaru.*”⁵⁴

53. Sariihu Sunnaah, Fuula: 1, Sharhu Usuuli I'itaqaadi Ahlus-Sunnaati Wal Jamaa'aa, Fuula: 184

54. Sarhuu Sunnaah, Fuula 2

“Warri Jannataa Rabbii Isaanii arguuf taa’aan akkuma Qur’aanaa fii Hadiisaan sabate.”

3. Qadara Ilaalchisee akkana je’e: “*Dalagaan Ilma namaa toltaa fii hamtuunis qadara Rabbiitiin argamti. Wanni hundi fedhii Rabbiitiin argamti.*”⁵⁵
4. Iimaana Ilaalchisee akkana je’e: “*Iimaana keessatti karaan haqaa karaa Sahaabaa fi warra Isaan boodaati. Iimaanni jecha/dubbii Afaaniin dubbatamuu fii dalagaa qaamaati. Ni dabala, ni xiqlaata ykn ni hir’ata. Iimaanni kan dabalu hoggaa Rabbi yaadanee Zikrii guddifne. Kan Hir’atu ammoo hoggaa Rabbi daganee zikrii fii Ibaadaa laaffifne.*”⁵⁶
5. Rabbiin Arshiiratti Ol tahuu hoggaa Ibsuu akkana je’e “*Rabbiin Arshiiratti ol tahe. Wanni samii fii dachii keessa jiru hundi tan Isaati.*”

Imaamu Ax-Xabariin Aqiidaa Ahlus-Sunnaah Ibsee eega xumuru booda Kitaaba Isaa xumura Irratti nama kijiba Isarra kaayu hunda akkana jechuun Abaaree jira.

“*Namni waan kana malee nurraa himu ykn faallaa kanaa nutti irkisu, Inni sun Kijibaadha, Abaarsi Rabbii Adunyaa fii Akhiiraatti Isarratti haa jiraattu.*”

Imaamu Xabariin warra akka Ahbaashii kan Ulamaa’iirra kijiba kaayu hunda abaree jira. Rabbiin irraa haa qeebalu. Nutis aamiin jenne!

KIJIBA AHBAASHII

Akkuma argitan kana Aqiidaan Salafaa ykn warra Ahlus-Sunnaa takkattiidha. Ahlusunnaa Suufii wanni je’amu hin jiru. Ahbaashiin maqaa jijjirattee falsafaadhaan ummata balleysuuf yaaddeeti.

55. Kitaaba duraa keessatti: fuula: 1-4

56. Kitaaba duraa keessatti: fuula: 1-4

Kijibni Ahbaashii himamee hin dhumu. Aqiidaa Imaamu Xabariitiin hoggaa walitti laalle.

1. Rabbiin bakka takki hin jiru je'an. Ahlusunnaan Rabbiin Arshiierratti ol tahe jechuu amanan.
 2. Iimaanni Afaniin guyyaa tokko qofa Laa Ilaha Illallaah jechuudha je'an. Ahlusunnaan Iimaanni Afaniin qofa osoo hin taane dalagaanis argamuu qaba jechuu amanan.
 3. Quraanni jecha Rabbiiti miti je'an. Ahlusunnaan Rabbiitu dubbate je'an.

Falsafaan Ahbaashii haarawaa miti. Falsafaa isaan dura turte Jahmiyyaa, Mu'taziilaa, Shii'aa, Murji'aa, Khawaarijaa fii falsafaa Yahuudaa fii Nasaaraa hundarraa walitti qabamtee uumamte.

Rabbiin falsafaa Kufrii tana Jalaa nagaya nu haa baasu.

AQIIDAA ULAMAA’II ISLAAMAA

1. ABUL HASSAN AL-ASHAA’IRII (Bara 260-324 Hijraa)

Ashaa’iraan maali?

Abul Hassan Ali binu Ismaa’iil Al-Ashaa’iriin bara 260 hijraa Iraaq Basraatti dhalate. Bara 324 hijraa Akhiirame. Abul Hassan Amata 40 Mu’tazilaa hordofuun kitaaba hedduu barreeysaa ture. Amata 40 booda Aqiidaa Salafaatti deebi’uun Mu’tazilaa fii falsafaa Isiiraa qulqullaawee jira. Firqaan amma Ashaa’iiraa ifiin jettu Abul Hassan Al-Ashaa’iri jala deemna waan ifiin je’aniif Ashaa’iraan jechuun beekkaman. Ashaa’iraan Abul Hassan Isaa Mu’tazilaa kitaaboota Inni katabe akka Aqiidaa qulqulluu godhanii jala deeman.

Abul Hassan Al-Ashaa’iriin Jallina Falsafaa Mu’tazilaarraa qulqullaawee jira.

• Aqiidaa Abul Hassan Al-Ashaa’iri

Abul Hassan Al Ashaa’iriin eega Mu’tazilaarraa towbate Kitaaba hedduu barreeysee jira. Kitaaba erga karaa Salafaa qabate barreesse keessaa tokko kitaaba Isaa “*Al Ibaanaatu An Usuul Diyaanaat*” je’ama.

Ulamaa’iin kitaabni kun kan dhuma jiruu Isaa keessatti Inni barreessee fi kan maayiiti jechuun dubbatan.

Abul Hassan Al-Ashaa’iriin Aqiidaa Isaa kitaaba Isaa kan Xumuraa kanaan addeeysee jira. Garuu warri Isa jala deemna ifiin je’u irra hedduun waan Inni dhuma jiruu Isaa keessatti irra ture dhiisanii waan Inni dura irra ture Mu’tazilaa fii falsafaa Isii hordofan.

Kitaaba “*Al Ibaanaatu An Usuul Diyaanaat*” dubbistee Osoo hin xumurree fuula waa xiっこ qofa hoggaa dubbifte Aqiidaan Salafaa maal akka taate ni hubatta.

Abul Hassan Al Ashaa'iriin “*jechoota warra haqaa fii Sunnaa*” mata dure je'u jalatti amantii warra Ahlusunnaa qaphxii 80 ol tarreessee jira, qaphxileen tun Aqiidaa gurguddoo namni Islaamaa hundi amanuu qabu akka taate dubbata.

“Namni yoo amantii teenya nu gaafateakkana jennaan” jechuun qaphxilee lafa kaaya, ani bakka Ahbaashiin diddee kaafira namaan jettu gurguddoo qofan barreessa.

1. Qaphxii 27ffaa. “*Rabbiin Arshiirratti Ol tahe akkuma Inni Quraana Isaa keessaatti je'e. “Ar-Rahmaan Arshiirratti ol tahe.”*” Suuraa Xahaa: 5.
2. 28ffaa. “*Rabbiin fuula Isaan male qaba akkaata Isaa garuu hin beynu akkuma Rabbiin je'e, ‘Fuulli Rabbii keetii ni hafa, Abbaa guddinaa fii Abbaa kabajaa kan tahe.’*” Suuraa Rahmaan: 27.
3. 29ffaa. “*Rabbiin harka lama kan Isaan malu qaba akkaataa Isaa hin beynu, akkuma Inni ifin je'e. ‘Maaltu Isa Ani harka kiyya lameeniin uumeef sujuuduu si dhorge?’*” Saad :75 fii Al-Maa'idaa 63.
4. 30ffaa. “*Rabbiin Ija Isaan maltu qaba akkaata hin beynu, akkuma Inni iftiin je'e.*” Al-Qamar 14.
5. 35ffaa. *Quraanni jecha Rabbiiti Isaatu dubbate, uumamaa miti.*

Qaphxii 27ffaa hanga 35ffaa “Al-Ibaanaatu An Usuul Diyaanaat” Kitaaba Imaam Abul Hassan Al-Ashaa'irii. Fuula 14-15.

6. 48ffaa. “*Iimaanni jechaa fi dalagaadha, ni dabala, ni irrata.*”⁵⁷
7. 49ffaa. “*Sahaabaa jaalachuun amantii teenya, Rabbiin Isaan filatee jira, gaarii Isaanii malee hin dubbannu, hunda Isaanii ni jaalanna.*”⁵⁸

57. Al-Ibaanaatu An Usuul Diyaanaat Fuula: 17

58. Fuula:17

8. 52ffaa. “*Hadiisa Gad bu’uu Rabbii himu hunda ni amanna, Gama samii Adunyaa Rabbiin akka Isaan malutti ni bu’a, Rabbiin ol tahe halkan gama boodaa gad bu’eeakkana je’ a “Kan na kadhatu jiraa? Kan araarama barbaadu jiraa?” waan kana nuti ni sabachiifna, nuti faallaa warra diduu fii hiikkaa jallisuuti amanna.*”⁵⁹

9. 54ffaa. “*Rabbiin guyyaa qiyaamaa akka Isaan malutti ni dhufa, akkuma Inni je’ e, “ Yeroo Rabbiin kee dhufe ammallee yeroo Malaaykaan tarree hedduu taatee dhufte.*” Al-Fajrii: 22.⁶⁰

KIJIBA AHBAASHII

Ahbaashiin Qaphxilee asii olitti Abul Hassan Al-Ashaa’iriin tarreeyse tana nama amanu hundaan Wahbiyyaa kaafira je’ an.

Ashaa’iraa Abul Hassan Al-Ashaa’irii jala deemtu osoo hin tahin Isaan Falsafaa ifiif uuman jala deeman.

Ahbaashiin qaphxilee kana yoo amanan dhugaa Abul Hassan Al-Ashaa’iiri jala deeman, Garuu Isaan namaakkana je’u ni kafarsiisan, Wahbiyyaa je’aniin.

Ahbaashiin kitaabni kun kan Abul Hassan Al-Ashaa’iriti miti jechuun Isii ni mala, Kijibni Isii akka jalaa hin baaneef.

Kijiboonni Isaanii heduudha. Abul Hassan Al-Ashaa’iriin hoggaa walitti laalle.

59. Fuula 18

60. Fuula: 18

1. Rabbiin Arshiirratti Ol tahuu Abul Hassan Al-Ashaa'iriin amanu Isaan hin amanan.
 2. Harka, Ija, Fuula Rabbiin nin qaba ifiin je'e kan Ashaa'iriin amanu Isaani ni kijibsiisan.
 3. Iimaanni guyya takka umriitti afaaniin dubbachuu ykn qalbii keessa malee dalagaa takka hin barbaachisu je'an. Ashaa'iriin ammoo dalagaan dirqama je'a.
 4. Hadiisa gad bu'uu Rabbii dubbatu Ashaa'iriin itti amanna jechuun dubbata Isaan itti kafarra je'an.
 5. Sahaabaa jaalachuu dirqama, hunda maqaa gaariin kaafana jechuun aqiidaa Ahlusunnaa hoggaa tahu Ahbaashiin ni arrabsan.

Kijibni Ahbaashii hedduudha. Kitaaba Abul Hassan Al-Ashaa'irii Al-Ibaanaa dubbisuun kijiba Isaanii daran hubachuun ni dandahama.

Rabbiin Amantii Kijibaa Ahbaashii nurraa haa qabu.

2. ABDULQAADIR JEEYLAANII (bara 470-561 Hijiraa)

Abdulqaadir Jeeylaaniin bara 470 Hijiraa biyya Iraan keessatti dhalate. Sheeka Suufiyyaa guddaa fii beekkamaadha. Bara 561 Hijiraa Akhiramee Baghdaaditti Awwaalame.

Kitaaboota hedduu qaba. Suufiyyaan Adunyaa tanarra jirtu hundi jaalala addaa Isaaf qaban. Akkasumas Muslimoonni akka waliigalatti Ulamaa'ii Islaamaa akka ture ragaa bahaniifii jiran. Sheekul Islaam Ibnu Teymiyyaan Sheek Abdulqaadir Jeeylaaniif Kabajaa guddaa qabaaf.

Ani seenaa Isaa himuuf hin deemu. Aqiidaa Isaa dubbadhee Ahbaashii Suufiyyaa Ifiin jettuun wal bira qabdanii akka laaltan barbaada.

• Aqiidaa AbdulQaadir Jeeylaanii

Ani Kitaaba Sheek Abdulqaadir Jeeylaanii “*Al-Ghuniyyaa li-xaalibii Xariiq Al-haqq*” je’amu dubbiseetin jira.

Kitaabni kun Boqonnaa “Aqiidaa fii Firqaa adda addaa” je’u qaba. Fuula 95 hanga fuula 135 Aqiidaa fii Tuuta jaloo akka Ahbaashii qofarraa dubbata. Ani guddinaan waan Ahbaashiin hin amannee fii nama akkas amanuun Kaafira ykn Wahbiyyaa jettu qofarrattin xiyyefadha.

Sheekh Abdulqaadir Jeeylaaniin Aqiidaa Isaa akka Asii gadii kanatti Ibsa.

1. Arshiirratti ol tahuu Rabbii hoggaa Ibsuakkana je’e:

“*Rabbiin Jihaa ol aantuu jira, Arshiirratti ol tahe, Mootummaan Isaa waan hundaan Marsee jira, Beekkumsi Isaa waan hundaan Marsee jira.*”⁶¹

“*Rabbiin ol tahe jechuun Sifa Isaati. Hikkaa jijjiruun hin tahu. Ol tahinsa zaataa ol tahe. Taa’ee hin jennu akka Mujjasimaatti. Arshiirratti Mohee fti Injifate hin jennu akka Mu’tazilaatti. Shari’aan saniin hin dhufne. Sahaabaa*

61. Al-Ghuniyyaa li-xaalibii Xariiq Al-haqq, Fuula: 95

*fii Taabi'oota (warra Sahaabaa dhaqqabe) tokkorraa hin dhufne. Warra Salafaa tokkorraa dubbiin akkasii hin dhagayamne. Wanni Isaanirraa dhufe, akkuma dhufeetti sabachiisanii amanuudha. Imaamu Ahmad binu Hanbal du'uuf guyyaan waa xiqqo hoggaa hafeef ‘Waa'een sifa Rabbii akkuma dhuftetti sabachiifamti, fakkeessuu fii diduun maleetti.’ Jechuun dubbate. Ammas Imaamu Ahmad binu Hanbal “**Rabbiin Arshiirratti akka fedhetti ol tahuu ni amanna, daangaa fii akkaata sanii hin beynu.**” Jechuun dubbate jira. Rabbiin Arshiirratti ol tahuun kitaaba Rabbiin Nabiyyoota hundarratti buuse keessatti dubbatamee jira, akkaataa maleetti.”⁶²*

Ammas Sheek Jeeylaaniin akkana je'e: “*Ol tahinsi sifa Zaataan ol tahuuti, Rabbiin ifiin yaamee jira, Quraana Keessatti bakka 7 keessatti dubbii tana jabbeessuun fidee jira. Hadiisaa fii jechoota Sahaabaatiin sabatee jira. Sifa Rabbiin qabaachuu qabu tahuu nu agarsiisa, akkuma Harkaa, Fuula, Ija, Dhagayuu, Arguu, Jiraatu, Dandahaa tahuu Isaa sani. Quraanaa fii Hadiisa gubbaan hin tarkaanfannu. Aayaataa fii Hadiisa waan kana hunda dubbattu ni qaraana, waan keessa jiru ni dhugoomsina, akkaataa sifa Isaa ammoo Rabbiitti Irkifna. (Nuti akkaataa Isaa hin beynu).*”⁶³

Sifa Rabbii keessatti waan kijibaa Rabbirra kaayuu ilaalchisee akkana je'e “*Sifa Rabbii keessatti waan Rabbii fii Rasuulli Isaa s.a.w nuuf hin himin dubbachurraa Rabbitti maganfanna.*”⁶⁴

2. Gad bu'uu Rabbii Ilaalchisee Sheek AbdulQadir Jeeylaaniin akkana je'e:

“*Rabbiin ol tahe halkan hunda gama samii duniyaatti gad bu'a, akka fedhetti. Gabroottan Isaa keessaa abbaa fedheef dilii ni araarama.*

62. Fuula: 98

63. Fuula: 99

64. Fuula: 99

Rahmata Isaatu bu'a, Sawaaba Isaatu bu'a jechuutti hikkaa kan jijire, Mu'tazilaa fii Ashaa'iraadha." Hadiisa kana Ubaada binu Saamit, Abuu Hureeyraa, Jaabir binu Abdullaahi, Aliyyi binu Abii xaalib, Abdullaahi binu Mas'uud, Abuu Dardaa, Ibnu Abbaas, Abubakr As-Siddiqii fii A'ishaan oddeessanii jiran. Hunda Isaanii Rabbiin irraa haa jaalatu. Kanaaf jecha Sahaabaan Salaata halkanii gama boodaa salaatuu guddisan.”⁶⁵

3. Quraana Ahlusunnaan maal akka jettuun hoggaa Ibsu:

*“Quraanni jecha Rabbiiti, dubbii Isaati. Namni Lafzii Quraanaa tan nuti Qaraanu uumama je'uun Kaafira. Wajjiin hin nyaatan, Itti hin kennan, Isa duubaan hin salaatan, ragaan Isaa hin fuudhamtu, yoo du'e irratti hin salaatan, hogguu 3 akka towbatu gaafatan, yoo towbate Towbaa Isaa irraa fuudhan, diduu Murtaddiidha...”*⁶⁶

“Namni tokko hin dubbadhu je'ee yoo khakhate, Ergasii Quraana yoo qara'e dubbate hin je'amu, Jecha Rabbiiti malee jecha Isaati miti, kanaaf humaa badii takka hin qabu (khakhuu Isaa hin balleesine).”⁶⁷

“Quraanni Harfii (Qabee) fii Sagaleedha jechuu amanna. Jechi Rabbii ol tahe qabee fii sagalee qabaachurraa qullaa tahuun hin malu. Namni kana didee falmu iftuulaadha, Ijji Isaa haqqarrraa jaamtuudha. Rabbiin ol tahe ‘Aliif Laam Miim’ je'ee harfii tana dubbatee, Kitaaba kana jechuun Quraana dubbata. Rabbiin hoggaa waa'ee Nabi Muusaa dubbatu ‘Yeroo Rabbiin kee Muusaa yaame Yaadadhu’ je'a Ashu'araa:10. Yaamichi kun sagalee malee waan hin taane. Imaamu Ahmad Rabbiin sagaleen akka dubbatu Sahaaboota heddurraa odeysee jira. Imaamu Ahmad Rabbiin yoo dubbate ni callisaa je'amee gaafatamnaan, ‘Nuti wanni jennu, Rabbiin ni dubbata ammoo ni

65. Fuula: 99

66. Fuula: 101

67. Fuula: 102

callisa wanni je'u hin dhufne, silaa dhufe ni jenna, Rabbiin dubbataadha, akka fedhetti, akkaataa fii fakkeessuun maleetti'."⁶⁸

4. Iimaana jechuun Ahlusunnaa biratti maal akka tahe akka armaan gadii kanatti Ibsa:

*"Iimaanni jecha Arrabaan dubbatani, Qalbiin dhugoomsanii fii qaamaan dalagani. Rabbiif ajajamuudhaan dabala, cubbuu dalaguun xiqqaata, beekkumsaan ni jabaata, wallaalaan ammoo ni laafa. Ashaa'iraan ammoo Iimaanni Ida'uu fii xiqqaachuu Isaa ni diddi."*⁶⁹

5. Ahlusunnaan waa'ee Sahaabaa keessatti waan amanan hoggaa Ibsu:

*"Ahlusunnaan waan Sahaabaa jiddutti argame dubbachuu dhiisurratti waliif galanii jiran, hamtuu Isaanii dubbachurraa if qaban, sadarkaa Isaanii dubbachuu fii dubbi Isaanii Rabbiif dhiisurratti waliif galanii jiran. Warra Aliyyiin wal dhabe, Xalhaa, Zubeeyr, A'ishaa fii Mu'awiyyaa hunda Isaanii Rabbi irraa haa jaalatu, Sadarkaa Isaanii dubbachuurratti waliif galan."*⁷⁰

6. Maqaa Kijibaa kan Ahlusunnaaf Adawwiin baaftuun Sheekh Jeeylaaniin maal je'a?

Abdulqaadir Jeeylaaniin akka asiin olii kanatti Aqiidaa Ahlusunnaa ballinaan Ibsaa waan hedduu dubbate. Gama dhumaatti firqaa akka Ahbaashii tan falsafaan Islaama balleessuuf kaate lakkaawee, saaxil baasee jira.

Maqaa warri falsafaa Ahlusunnaan arrabsu, maqaa kijibaa kan Ahlusunnaarra kaayame hunda himee jira.

Akkana je'a:

68. Fuula: 103-104

69. Fuula: 107-108

70. Fuula: 133

“Ammoo Firqaan nagaya baate Ahlusunnaa wal jamaa’aadha. Aqiidaa Isaanii Ibsinee jirra. Garuu Firqaan adda addaa Maqaa adda addaa Ahlusunnaan yaamanii jiran. Qadariyyaa fii Mu’tazilaan Ahlusunnaan Jabriyyaa je’an. Raafidaan ammoo Naasibiyaa jettiin (maatii Rasuulaa s.a.w warra hin jaalanne jechuu Isaaniti). Waan Abubakar fii Umar Khulafaa tahuu amananiif. Jaahmiyyaan Ahlusunnaan Mushabbihaa (Warra Rabbi Uumaatti fakkeessu) je’aniin, waan sifa Rabbii sabachiisaniif. Garuu maqaan Isaan je’an kun hundi kijiba. Maqaan Isaanii kan dhugaa Ahlul Hadiisi fii Ahlusunnaadha.”⁷¹

KIJIBA AHBAASHII

1. Rabbiin Arshiirratti Ol tahe jechuu kan amanu Kaafira. Ibnu Teymiyyaa fii Muhammad binu Abdulwahhaab Isaantu dubbi tana eegale Jechuun Kijibuu Isaanii kunoo Abdulqaadir Jeeylaaniin Rabbiin Arshiirratti Ol tahe je’ee amana.
2. Rabbiin Halkan hunda gad bu’a jechuun Kufriidha. Abdulwahhaabtu eegale. Islaamni tokko akkas hin je’u. kan gad bu’u Rahmataa fii Sawaaba jechuun Kijibuu Isaanii Jeeylaaniin addeeysee jira. Halkan gama boodaa Rahmataa fii sawaabaa gad bu’a jechuu kan eegale Mu’tazilaa akka tahe Sheek Abdulqaadir nuuf addeessee jira.
3. Sifa Rabbii Quraanaa fii Hadiisa irraa osoo hin taane Aqlii teenyaan waan amanne ni fudhanna jechuun Ahlusunnaa faalleesuu Isaanii Jeeylaaniin Saaxilee jira.
4. Rabbiin hin dubbatu jechuun Jaahmiyyaa wajjiin salfii takkarra taa’aa Suufiyyaa ifin je’an.
5. Quraana Rabbiin hin dubbanne, jechi Rabbi qubee fii sagalee hin qabu jechuun falsafaa Jaahmiyyaa wajjiin tokko taatee Osoo jirtuu Suufiyyaa Ifin jechuu Isaanii.

71. Fuula: 143

6. Iimaanni qalbiin dhugoomsuu malee dalagaatti hin haajamu jechuun Ahlusunnaa faalleessuu Isaanii. Namni tokko qalbiin Rabbi dhugoomsee amata 40 farshoo fii Zinaa yoo dalage, nama biraan tokko kan amata 40 Rabbi gabbaraa turee wajjiin Iimaanni Isaanii waluma qixa jechuudha. Akka Ahbaashiin jettu kanatti Iimaanni kiyyaa fii kan Abuubakar Saddiq wal qixa jechuudha. Iimaanni qalbiin dhugoomsu qofa waan taheef Sahaabaa wajjiin namni hundi walqixa. Ahbaashiin wanniakkana jettuuf Sababaa qaba akkan Namni libaadaa dhiisu, salaata dhiisu, farshoo, zinaa, hattummaa laaffisee laalee Yahuudaan wal fakkaatuu fedhan. San booda Muslima amatatti guyyaa Mowlidaa shubbisee, amata dhufuuf Mowlida eeggatu uumuudha. Tana Amantiin Mootummaaf taatu. Warra koolleejjii fii Waajiraa keessaa ni salaanna je'u dhabamsiisuuf Amantiin Ahbaashii akka qorichaatti mootummaan kan laalamtuuf kanaafi.
7. Sahaabaa maqaan Isaanii gubbaatti dubbatame, tan Sheek Abdulqaadir Jeeylaaniin hamtuu Isaanii hin dubbannu jechuun nuuf himu, Mu'aawiyaa fii warra Isa waliin ture Ahbaashii ni arrabsina, jara zaalima, jechuun arraba gurguddaa meeqaatamiin darbatan.
8. Ahbaashii Mushabbihaa Muslimootaan jechuun Jaahmiyyaa wajjiin salfii falsafaa gubbaa dhaabattee Imaamanni Suufiyaa Mallas fii Shifarraawiin itti kennamme Islaama balleessuuf sochiirra jiran. Maqaan Isaan Muslimotaaf baasan aadaa tuuta jalloo Isaan dura dabarteeti malee haarawaa miti. Ahlusunnaa warri Bid'aa maqaa adda addaa akka baasaafii ture Jeeylaaniin nuuf himee jira.

Yaa Ummata Islaamaa! Duuba Ahbaashii jalloo tana akkamumatti fudhanna?

Kitaabuma Ahlusunnaa kan Ahbaashii tana deeggaruu barbaannee dhabne, Kitaaba Abdullaahi Hararii fii kitaaboota falsafaa adda addaa malee.

Rabbiin Ahbaashii fii falsafaa Islaamatti laaquuuf yaadan hunda dhabama haa godhu.

ADAWWII AHBAASHII GURGUDDOO LAMA

Adawwiin Ahbaashii hoggaa hunda Muslima. Ammoo Adawwiin Isaanii guddaan warra Quraanaa fii Hadiisa jala deemu. Hundarra ammoo Ulamaa'ii jibban.

Kan hundarra Jibban ammas Ulamaa'ii Islaamaa lama gurguddoodha. Isaanis Sheekhul Islaam Ibnu Teymiyyaah fii Imaam Muhammad binu Abdulwahhab je'aman.

Imaamoonni Lamaan kun Sheekhul Islaam Ibnu Teymiyyaah fii Muhammad binu Abdulwahhaab Aqiidaa Ahlusunnaa qulqulluu Salafaa akka Nabi Muhammad irraa dhuftetti jala deemuu qabna jechuun Bid'aa fii Shirkii dura dhaabbachuun beekkaman.

Sheekhul Islaam Ibnu Teymiyyaan Ahbaashii osoo hin uumamiin amata 700 dura jiraate. Garuu Aqiidaa qulqulleysuuf waan hedduu qabsaaweef Ahbaashii fii Firqaan takka kitaaba Isaa jalaa nagaya bahuu hin dandeeysu.

Imaam Muhammad binu Abdulwahhaab Ahbaashiin Osoo hin uumamiin amata dhibba 3 dura jiraate. Garuu arrallee kitaaboonni Isaa Adawwii Islaamaa, warra shrkii fii Bid'aa hunda saaxiluu itti fufe. Kanaaf Ahbaashiif Adawwi tahuu dandahe.

Ulamaa'iiin Islaamaa hedduudha kan bida'aa fii Shirkii dura dhaabbatan. Garuu Rabbiin Ulamaa'ii lamaan tanaan warra Bid'aa hedduu saaxile. Qeebaltii fii Jaalala Isaaniif kenne.

Warri Sunnah hanga guyyaa Qiyaamaatti Ulamaa'ii lamaan tanarraa ni fayydama. Warri Bid'aa fii Shirkii Ulamaa'ii lamaan tanaan hanga guyyaa qiyaamaa ni saaxilama.

Seena fii Aqiidaa Ulamaa'ii Lamaan tanaa hubachuuf kitaaboota Isaanii laaluun gahaadha. Ani xiqquman irraa tuqa.

3. SHEEKHUL ISLAAM IBNU TEYMIYYAAH (Bara 661-728 Hijira)

Abuul Abbaas Ahmad Binu AbdulHaliim binu AbduSalaam Binu Teymiyyaah bara 661 Hijiraan Harraan Magaalaa je'amtu tan Turkiyaa keessatti argamtutti dhalate. Bara 728 Hijiraan Adunyarraa gama Akhiiraa godaane.

Seenaa Sheekul Islaam Ilaalchissee Kitaabni kuma 1 ol barreeyfamee jira.

Abbaan Isaa Aalim beekkamaa ture. Abbaan Isaa bara 667 Hijiraan gama Shaam Maatii Isaatiin godaanee itti gale. Ibnu Teymiyyaan Maatii beekkumsaan sadarkaa guddoo qaban keessatti dhalatee guddatte.

Abbaan Isaa Damashqitti eega galan beekkumsa Isaatiin beekkamee barsiisaa ture. Akaakoon Isaa AbduSalaam beekaa Hadiisaa fii Tafsiiraati ture. Kitaaba "Mantaqaa Al-Akhbaar" je'amu qaba. Imaamu Showkaaniin "Neylal Owxaar Sharhi Mantaqaa Al-Akhbaar" jechuun Ibsa itti godhee jira.

Ibnu Teymiyyaan Maatii akkanaa tana keessaan argame. Joollummaan Quraana Haffazee, Hadiisa Rasuulaa s.a.w Haffazuu itti fufe. Beekkumsa Islaamaarraa waan takka Osoo hin hambisin Sheekkootii 100 ol irraa baratee jira.

Ibnu Teymiyyaan Abbaan Isaa bara 682 hoggaa du'e, Inni bakka Isaa bu'ee barsiisu eegale. Hoggaa Inni bakka Abbaa bu'ee barsiisuu jalqabe. Umriin Isaa amata 21 hin dabarre. Umrii Dargaggummaa Osoo hin dabrin joollummaan beekkumsa hedduu haffazee jira. Rabbiin dandeettii sammuu guddoo Isaan kenneen hedduun namaa Isa dinqisiifataa ture.

Ibnu Teymiyyaa Rabbiin beekkumsa, Jeynummaa, Adunyarraa dantaa dhabuu, Obsa, Jabeenya qaamaa fii Aqiidaa qulqulluu badhaaseenii jira.

Beekkumsaan, Barsiisuun, Haqa Ibsuun, Barreeysuun, Islaamaaf tumsuun yeroo Isaa sanitti warra jiran hunda dursee maqaa “Sheekhul Islaam” je’u kan sadarkaa argatee jira. Sheekh Islaamaa akka jechuuti, Sheekh Islaama hundaa tahee jira.

Jihaada Inni karaa Rabbii keessatti godheen hoggaa hunda Muslimoota biratti moggaasa kabajaa “Sheekhul Islaam” je’uun yaamam.

Sheekhul Islaam Ibnu Teymiyyaan Jihaada qalamaa, Afaanii fii Seyfillee godhee jira. Mootummaan Tattaar Shaam caphsuuf duula hoggaa bantu Muslimoota Jihaadaaf ka’aa jechuun kaasee Shaamii hanga Misraatti akka Muslimoonni qabsuu karaa Rabbii keessatti godhan akka Ulamaa’iitti yaamee ifiif keessaa hin hafne. Inni dirree lolaa dhaqee Adawwii dura dhaabbatee jira.

Jihaanni Isaa guddaan Amantii Islaamaa qulqulluu laaqaa adda addaarraa Xaharsuuf qabsoon godhe kan irraanfatamuu miti.

Firqaa fii Jallinni Inni hin Saaxilin hin jiru, Shii’aa, warra Falsafaa, Jahmiyyaa, Mu’atazilaa, Suufiyyaa, Kiristaanaa fii Yahuudaan irraa hin hafne. Hunda Quraanaa fii Hadiisaan Saaxilee qullaa dhaabee jira. Keessattuu warra Suufiyyaa Falsafaan balleeyse kan akka Ibnu Arabii hedduu Saaxilee maalummaa Isaanii ibse.

Ibnu Arabiin “Wanni hundi Rabbi, Anis Rabbi, Karkaroon Rabbi, Sareen Rabbi...” jechuun falsafaa “Wahdatul Wujuud” Islaamatti kan makhe hoggaa tahu, Suufiyyaan hedduun Isa jala deemti.

Ibnu Teymiyyaan kitaaba Ibnu Arabii Quraanaa fii Hadiisa dura qabuun Ibnu Arabiin akka Filoosoofara Kaafira tahe addeeysee jira.

Sababaa Ibnu Arabii akka malee Saaxileef Sheekkootii Suufiyyaa takka takka itti hinaafanii Mootummoota zamana san jiruu waliin Isa miidhuuf yaalii adda addaa godhaa turan. Mootummaan Ibnu Teeymiyyaa fii Suufiyoota Ibnu Arabii jala deemu walitti fiddee Ibnu Teymiyyaan ragaa Quraanaa fii

Hadiisaatiin Isaan wareersaa ture. Garuu beekkumsaan dadhabnaan humnaan waan itti tarkaanfataniif Sheekhul Islaam Ibnu Teymiyyaa hogga hedduu hidhaa akka seenu godhanii jiran.

Inni soda malee Quraanaa fii Hadiisa qofa qabatee waan sanii achii hunda Quraanaa fii Hadiisaan wal dura fiduun wal qunnamu fudhachuu fi wal khallafuu irraa dhaabbachuu aadaa Salafaa Muslimoota keessatti deebisuuif Jihaada guddaa godhee jira.

Kitaaboota hedduu barreeysee jira. Kitaaboonni Isaa dhibba 3 akka caalan dubbatama. Barattooni Isaa lakkaawamanii hindhuman. Kan sadarkaa beekkumsaatiin Islaama keessatti beekkaman hedduu warri Isarraa barate.

Ibnu Teymiyyaan Islaama Qulqulluu Rasuulaa fii Sahaabaan irra turan san deebisuuif jecha hedduu carraaqe. Qulqullummaan Islaamaa Quraanaa fii Hadiisatti deebi'uudha jechuun warra Falsafaa adda addaa hundaaf deebii kennee jira. Deebiin Inni warra jallataa zamana Isaa hundaaf kenne arrallee warra falsafaa hirriba dhorguu itti fuftee jirti.

Yahuudaan Namni Jibban guddaan Sheekhul Islaam Ibnu Teymiyyaadha.

Shii'aan Ulamaa'ii Islaamaa haalaan jibban keessaa Ibnu Teymiyyaan durarra jira.

Ahbaashiin Adawwiin isii guddaan Ibnu Teymiyyaadha. Firqaa jalloon hundi Ibnu Teymiyyaan waan Isaan Saaxileef hin jaalatan. Garuu Muslimoonni Sunnaa hundi "Sheekhul Islaam Ibnu Teymiyyaah" Sheekh Islaama hundaa jechuun ittiin boonan.

Kitaaboonni Isaa arra mana Kitaabaa hunda keessatti argaman. Aalimni Kitaaba Isaa manaa hin qabne akka waan hin jirreeti. Sunniin fatwa Ibnu Teymiyyaatiin hin gammadiin akka waan hin jirreeti.

Rabbiin abbaa fedheef beekkumsaa fii hikmaa kenna. Ibnu Teymiyyaa Rabbiin Jaalala ilma namaallee itti hin qusanne. Adunyaan Sunnii guutuun Isa ni jaalatan. Kitaabni seenaa Isaa dubbatu kuma 1 oliitu barreeyfame.

Barattooni Isaa qoftii Beekkumsa Isaatiif ragaa ni bahan. Darasoota Isaa keessaa Imaam Ibnul Qayyim Al-Jawzii fii Imaam Az-Zahbii dubbachuun ni gaha.

Kitaaboonni Isaa hedduudha, Sanirraa:

- Aqidatu Al-Waasixiyyah (Aqidaa Ahlus-Sunnaah maal akka taate keessatti Ibsa.) Afaan Oromootiin Jafar Bayaan nama je'amuun hikkamee jira.
- Raf'ul Malaam Anil A'imatiil A'alaam (Imaamman Islaamaa kabajaa Isaan qaban Ibsa)
- Majmuu'ul Fataawaa (Jaldii ykn Volume 35)
- Al-Furqaan Beyna Owliyaa'I Rahmaan wa Owliyaa'I Sheeyxaan. (Kitaabni kun wanni irraa dubbatu Awliyaan Rabbii eenu? Maaliin beekan? Awliyaan Sheeyxaanaa eenu? Maaliin beekan?)
- Minhaaju Sunnaati An-Nabawiyyah. Kanaa fii kan biroo Kitaaboonni Isaa hedduudha.

AHBAASHIIN MAALIIF IBNU TEYMIYYAAH JIBBITI?

Gaafii tanaaf deebiin ifaadha. Kitaaboonni Ibnu Teymiyyah Ahbaashii bara 1983 A/l/f argamtuuf deebii fii Jallina Isii lafa kaayee ibsee jira. Ibnu Teymiyyaan Falsafaa hundaaf Quraanaa fii Hadiisaarrraa deebi warri Ahlus-Sunnaah Irratti waliif galan Ibsee jira.

Namni Kitaaba Ibnu Teymiyyah dubbise Ahbaashii hin tahu, Shaa'ii hin tahu, Suufiyyaa hin tahu, Falsafaa Jahmiyyaa fii Mu'atazilaa hin fudhatu, Khawaarijaa hin tahu, Yahuudaa fii Kiristaana hin tahu. Muslima Warra Ahlus-Sunnaah qofa taha. Kitaaboonni Isaa Aqidaa qulquulluu addeeysan.

Kitaabni Isaa Quraanaa fii Hadiisa Sahiiha qofa jala deemutti yaama. Kitaaboota Isaa keessa Islaamni kabajaa Isaa tan zamana Rasuulaa s.a.w argachuuf Kitaaba Rabbii fii Sunnaa Rasuulaa s.a.w itti deebi'uu qaba jechuutu keessa jira.

Duuba Ahbaashiin maaf Jibbiti?

Kitaabni Ibnu Teymiyyah Yahuudaa hedduu waan Saaxiluuf Ahbaashiin akkamitti Isaan nu jalaa tuqa jettee jibbuun Isiitis ni mala.

Ammas Ahbaashiin gargaarsa guddaa Mootummaa Suriyaa irraa argatti mootummaan Suuriyaa firqaa Alawii ykn Nuseeriyyah je'amtu tan Aliyyi Ibnu Abii Xaalib Rabbii jettu tahuun Isii beekkamaadha. Ibnu Teymiyyaan Alawiin Kaafira jechuun jallina Isaanii ibsee jira. Kanaaf Ahbaashiin mootummaa Isii gargaartu nama jalaa tuqe ni jibbin.

Kan biraan Ibnu Teymiyyaan Ibnu Arabii Filoosoofara je'amu kan “Wanni hundi takka, wanni hundi Rabbi” jechuun Suufiyyaa laaqe, Kan firqaa Suufiyyaa keessaan bahe waan haalaan saaxiluuf akkasumas waan Ibnu Arabiin Kaafira tahuu Isaa addeeyseef Sheekhul Islaam Ibnu Teymiyyah Jibban. Ahbaashiin Ibnu Arabiin akki je'e sun dhugaadha jechuu amanan.

Ibnu Teymiyyaan Kitaaba Isaa irra hedduu keessatti Aqiidaa warra Salafaa kan akka Imaamu Ahmad, Imaamu Maalik, Imaam Shaafi'ii, Owza'ii, Sufiyaan As-Sowrii fii Imaamman Islaam hunda waan addeeyseef Kitaaba Isaa nama qara'e jallisun waan itti ulfaatuuf Isa jibban.

DU'A SHEEKHUL ISLAAM IBNU TEYMIYYAA

Bara 728 Hijiraa Sheekhul Islaam Ibnu Teymiyyaan Damashqitti Ibnu Arabii Filoosoofara je'amu Kaafira tahuu Isaa Quraanaa fii Hadiisaan waan addeeyseef Suufiyyaan Ibnu Arabii jala deeman akka hidhamu godhanii mana hidhaa seene. Ibnu Teymiyyaan Kitaaba akka hin dubbifnee fii akka kitaaboota hin arganne godhamee ture. Garuu Sheekhul Islaam Ibnu

Teymiyyaan Kitaaboota qara'e hunda mataa Isaa keessaa waan qabuuf mana Hidhaa keessa taa'ee Kitaaboota hedduu barreeysaa ture.

Mana hidhaa keessatti badii malee hidhamee achuma keessatti du'e.

Awwaalcha Isaa irratti Hawaasni Damashqii kuma dhibbaa ol tahu bahee awwaale.

Sheekhul Islaam Ibnu Teymiyyaan Adunyaarrraa galus dalagaan Isaa hanga guyyaa qiyaamaa Muslimoota fayyada. Kitaaboonni Isaa arrallee Adawwii Islaamaa hunda bochiisaa, saaxilaa jira. Muslimootaaf qajeeloo fii bakka itti deebi'an tahee itti fufa.

Ahbaashiin Sheekhul Islaam Adunyaan Maqaa Sheekha Islaamaa jettuun yaamtu kana Sheekhni Isaanii kan Maqaa "Sheekhul Fitnaa" Sheekha Fitinaa jechuun beekkamu Kaafira jechuun arrabsa. Rabbiin abbaa fedhe beekkumsaan ol qaba.

Ibnu Teymiyyaan Sheekhul Islaam je'amee yaamamuu hanga guyyaa Qiyaamaa itti fufa. Abdullaahi Hararii Sheekhul Fitinaa jechuun yaamamuun Isaa itti fufti.

Kunoo akkatti Rabbiin abbaa fedhe qajeelchee abbaa fedhe jallisa.

• **Aqiidaa Sheekhul Islaam Ibnu Teymiyyaah**

Aqiidaan Isaa Aqiidaa Ahlusunnah tan kitaaba kana keessatti dubbiftan hunda.

Aqiidaan Isaa Aqiidaa Imaamu Ahmad, Shaafi'ii, Malik, Ax-xabarii, Bukhaarii fii Imaamman Islaamaa hunda. Wanni Ahbaashii biratti adda Isa godhu Inni Aqiidaa Imaamman Islaamaa habatee ummataaf Ibsuu Isaati. Aqiidaa Ahlus-Sunnaa Ibsee Isiif tumsuudhaan fakkaataa hin qabu.

Aqiidaa Isaa hubachuuf Kitaaba Isaa kan Aqiidaa xiqqaa Aqiidaa
Waasixiyyaa dubbisuun gahaadha.

Kitaaboonni Isaa irra guddaan Aqiidaa Qulqulleysuu irratti xiyyeefata.
Sheekhul Islaam Ibnu Teymiyyah Rabbiin Jannata haa badhaasuun.

• **Kijiba Ahbaashii**

Ahbaashiin nama akka Sheekhul Islaamitti kijiba irra keessa hin qabdu. Isaan Haasawa Isaan eegalanii Isaan fixan. Ibnu Teymiyyah yoo hin arrabsine akka waan Amantiin Isaanii badduu itti fakkaata.

Aqiidaa keessatti Ibnu Teymiyyaan guututti Imaamu Ahmad fii warra Salafaa kan Kitaaba kana keessatti dubbatamanii fii kan hin dubbatamin hunda jala deema. Aqiidaa kophaa hin qabu. Qaphxii Kitaaba kana keessatti Imaama hunda jalatti laalle san akkuma jirutti amanee fudhata. Saniif irra deebi'ee Aqiidaa Isaa guutuu barreeysuu dhiise.

Ammoo Kijiba Ahbaashiin Isarratti odeeysituu keessaa garii nin Ibsa.

1. Ibnu Teymiyyaan Azaabaa fii Jannanni ni dhumti je'e jechuun dubbatan. Kuni Kijiba guddaa Isaaniiti. Ibnu Teymiyaan Abaluakkana je'e jechuun hoggaa dubbate Isaan jidduu jecha Isaa fuudhanii akka Inni je'e fakkeeysuuf waan hin goone hin qaban.

Kunoo Ibnu Teymiyyaanakkana je'a "*Warri Salafaa Imaamman Isaanii akkasumas Ahlusunnaan guututti waan Rabbiin uume keessaa tan hin dhumanee fii hin dhabamne tan akka Jannataa, Azaabaa fii Arshii akka dhuma hin qabne irratti walif galanii jiran. Namni tokkolleen wanni Uumate hundi ni dhabamti jechuun Jannataa fii Azaaba hin dubbanne garii warra Falsafa malee, warra Bid'aa kan akka Jahm Binu Safwaan fii warra isa jala deemuutu akkas je'a. Kuni jecha Kijibaa kan fudhatama hin*

qabne. Kun jecha Quraanaa fii Hadiisa akkasumas waliigala ummata Salafaa faalleeysu.”⁷²

Ammas akka je'e: “*Warri Amantii Islaamaa jala deemu hundi waliif galee jira akka Jannataa fii Azaabni dhumannee fii Zalaalam jiraatan. Warri Jannataa Isii keessatti qananii argachaa jiraatan. Warri Azaabaa Isii keessatti gubachaa jiraatan, lamaanuu dhuma hin qaban.*”⁷³

2. Ahbaashiin Ibnu Teymiyyaan Rabbiin Arshiirra taa'a je'e jechuun Kijiban, Garuu Sheekhul Islaam “Rabbit Arshiirratti ol tahe” jechuun Aqiidaa Waasixiyyaa fii Kitaaba Isaa hunda keessatti Ibsee jira. Ahbaashiin Rabbit Ol tahe hoggaa jenne nu hundaan Rabbit taa'e jettan jechuun kijiba nurra kaayan. Ahlusunnaan waliigalatti Rabbit akka Isaan malutti ol tahuu ni amanan. Kan Ahbaashiin hikcaa ifiif feete kennituuf eenuutu isii dhagaya?!
3. Ahbaashiin waan Kitaaba Aqiidaa Ahlusunnaa keessa jiru hunda akka waan Quraana keessa hin jirre. “Abalu Rabbit akkana je'e” jechuun kijiba Ulamaa'ii hundarra kaayuun aadaa Isaaniiti. Rabbit harkan qaba yoo ifiin je'e Isaan Abalu akkas je'e jechuun kijiban. Sheekhul Islaam Ibnu Teymiyyaah Irratti kijiba Isaan odeeysan dubbadhee fixuu hin dandahu. Namni Sheekhul Islaam baruu fedhu kitaaba Isaa haa dubbisu.

Ibnu Teymiyyaan Aqiidaa Ahlusunnaa qulquuluu Addeeysee jira. Rabbit ol tahe, Harka qaba, Ija qaba, Ni dubbata, gama Samii Adunyaa gad bu'a, Quraana Isaatu dubbate, Guyyaa qiyamaa ni dhufa. Sifa tana hunda akka Isaan malutti qaba. Fakkeeysuun hin tahe, diduun hin tahu, hikcaa jijjiruun hin tahu jechuun addeeysa.

72. Majmuu'ul Fataawaa: Mujallada 18, Fuula: 307

73. Dar'u Ta'aarud 2, fuula 357

Akksumas Rabbiin Kophaa gabbarama, Qabrii kadhachuun shirkiidha, Awaliyaa kadhachuun Shirkiidha, Jihaada godhuun dirqama, Quraanaan jiraachuu fii ittin buluun waajiba jechuun barsiisa.

Ahbaashii kana yoo hin jibbine eenyu Jibban?! Qabrii jalaa tuqe!

Ibnu Teymiyyaan Sheekhul Islaam Muslimoota hundaati.

Ahbaashiin Adawwii warra Ahlusunnaati.

4. IMAAM MUHAMMAD BINU ABDULWAHHAAB (Bara 1115-1206 Hijiraa)

Imaam Muhammad binu AbdulWahhaab binu Suleeymaan binu Aliyyii bara 1115 Hijiraa Uneeyzaa bakka je'amtutti dhalate. Gostii Isaa Banii Tamiim jechuun beekkaman.

Maatiin Isaa maatii Ilmiin beekkaman hoggaa tahan Abbaan Isaa Sheekha guddaadha. Akhaakhoon Isaa Suleeymaan Aalima guddaa ture. Maatii tana keessatti dhalatee guddate.

Quraana Osoo amata 10 hin gahin haffaze. Achi booda Fiqhii hanga hoonga Isiitti barate. Rabbiin dandeeytii Sammuu guddoo kenneef. Waan barate hunda haffazuun Joollee hiriyaan Isaa hunda caale.

Kitaaba Hadiisaa fii Tafsiiraa hedduu dubbisuu ture. Kitaaboota hedduu haffazee jira.

Ilmii barbaada ganda Isaatti eega hedduu barate Makkaa fii Madiinaa dhaqee Ulamaa'ii gurguddoorraa baratee jira. Achi booda Basraa Iraaq dhaqee Ulamaa'ii Jiran hundarraa baratee akka barsiisu Ijaazaa fudhate.

Booda eega Ilmii gosa hundaatiin hoonga gahe gama da'waa godhuu fii Barsiisutti gargale.

Muslimoonni Zamana san Bid'aa fii Shirkiitti deebi'anii Aqiidaa Irraanfataniit turan. Najd biyyi je'amtu lafti dhaloota Isaa Qabrii gabbaruu fii Muka gabbarutti deebitee turte. Ilmi namaa Qabrii fii Mukaan Rabbitti dhiheenya barbaaduun Ibaadaa jechuu eegale.

Sheekh Muhammad Binu Abdulwahhaab waan kana hunda argee callisuun itti ulfaatte. Daw'aa sodaa malee dirree bahee godhuu jalqabe. Hoggaan Inni Qabrii fii Mukha Rabbii achitti hin yaammatina jechuun Aqiidaa Salafaatti yaamuu jalqabe gariin namaa Qabriin Isa halaakuuf teeysi je'anii eeguu turan.

Sheekhni Da'waa Isaa Hureeymilaa ganda je'amutti eegale. Eegas Uyeeynaa ganda je'amutti godaane. Achitti Darsaa hedduu barsiisuu fii da'waa godhoo itti fufe. Qabrii namni gabbaruu fii Mukha Jiysuu jalqabe. Warri biyyaa hoggaa Inni harka Isaatiin waan Qabrii irratti jaaramee fii Mukha gabbaramu muruutti seene fagoo dhaabbatanii laalan. Waan Balaan itti buutee achumatti Awwalamu sahanii dhaabbatanii laalan.

Sheekh Abalu Mukha kana jala taa'e jechuun mukha gabbaraa turan hunda Jiysee nagayaan hoggaa galu namni hundi "Mukhni humaa nama hin godhu" jechuu arganii Da'waa qulqulluu Isaa qeebaluutti seenan.

Hoggaa Inni Aqiidaa Ahlusunnaa Qulqulleysuutti seene gariin warra qarxaasaa fii kan Awliyaa jechuun Namni Isaan gabbaru Faayidaa teenya nu jalaa balleeyse jechuun itti duulaa turan. Sheekni Obsee Barsiisuu fii Ummata jalaa garagalchuu itti fufe.

Warri Qabrii fii Mukhatti nama yaamu dallanee da'waa Sheekhaa "Wahbiyyaah" jechuun moggaase. Yahuudaan Islaama gabroomsuuf "Wahbiyyaah" jechuun oduu facaasan.

Aqiidaa Sunnaatiif tumsee Bid'aa fii Shirkii hunda Injifate. Mukhaa fii Qabrii Ilmi namaa gabbaru hundarraa gama Rabbi qofa gabbaruutti nama yaame.

Rabbiin Aqiidaa Ahlusunnaatiif tumsee da'waa Isaatiin Adunyaa Islaamaa Shirkii fii Bid'aa karaa adda addaatiin Isaan seente jalaa dammayse. Towhiidaan Muslimoonni tokko tahe. Shirkii fii Bid'aan bakka dhabde.

Ulamaa'iin Zamana Isaa Jiran kan Aqiidaa Ahlusunnaatiif tumsaa turan kan akka Imaamu Sheekh Muhammad binu Aliyyi Ash-Showkanii⁷⁴ fii Sheekh

74. Imaam Hadiisaa, Tafsiiraa fii Fiqhii beekkamaa Abbaa Tafsiira "Fathul Qadiir", "Naylal Owxaar" fii Kitaaba hedduu kan qabu. Aqiidaa Ahlusunnaatiif tumsuun fakkaataa kan hin qabne. Imaama Zamana Isaa kan ture.

Muhammad binu Ismaa'iil As-San'aaniin⁷⁵, Sheekh Muhammad Binu AbdulWahhaab Aqiidaa qulqulluu Salafaatiif akka tumsaa jiru ragaa bahanii jiran.

Sheekh Muhammad binu AbdulWahhaab Kitaaboota Aqiidaa Ahlusunnaa Ibsan hedduu qaba. Kan akkaan beekkaman:

1. Kitaabu Towhiid
2. Kashfu Shubhaat
3. Salaasatul Usuul kan “Usuulu Salaasaa” jechuun beekkamu. Afaan Oromoottin hiikkamee jira. Kan Afaan Oromootti hiikee Raabsaa ture Jaarmayaa Da’awaa fii Beekkumsa Islaamaa, Finfinnee, Bara 2009. Barbaadaa dubbisaa.
4. Nawaaqidul Islaam Afaan Oromoottin “waan Islaamummaa namarraa balleysu” jechuun Jafar Bayaan hiikee jira. Marsaa Intarneetaa www.maddaislaamaa.com jedhamu keessatti ni argama.
5. Masaa'ilul Jaahiliyyaah

Kanaa fii kan biroo kitaaboota hedduu qaba. Kitaabni Isaa irra guddaan Aqiidaa irratti xiyyeefata.

Towhiidaan tokko tahuu fii Shirkii fii Bid'aarrraa fagaatutti nama yaama. Aqiidaa Rasuulli s.a.w fii Sahaabaan irra turan qulqulluu sanitti Quraanaa fii Hadiisaan nama yaama. Karaa Imaamman Islaamaa beekkamoon irra turanitti Muslimoota yaamaa ture.

Imaam Muhammad Binu Abdul Wahhaab gabrummaa Ilma namaarraa gama gabra Rabbii tahutti nama yaamuun magaalaa Sheekkootii gabbaramtuu cufee jira. Kanaaf Adawwiin Isaa hedduun warra Shii'aa kan qabrii gabbaruu fii Firqaalee biroo tan Rabbi cinaatti waa gabbartu hunda.

75. Imaama Hadiisaan fii Fiqhii beekkamaa Abbaa Kitaaba “Subulu Salaam” Sharhii Buluughul Maraam, Fii Kitaaboota biroo hedduu kan qabu. Kitaaba Aqiidaa Ahlusunnaa Ibsu “Taxhiirul I’tiqaad” kan je’amu barreeysee Firqaal Jaloo Akka Ahbaashii hunda Saaxiluun kan beekkamu.

Hundi Da'waa Imaam Muhammad binu Abdulwahhaab maqaa tokkoon yaaman Sunis "Wahbiyyah" jechuudha.

Eega Inni du'e booda warra karaa Ahlusunnaa qabatee Towhiidatti nama yaamu hunda Adawwiin Islaamaa "Wahbiyyah" jechuun moggaasan.

Adawwiin Towhiidaa guddoон Yahuudaadha. Isaan tokkummaa Islaamaa waan arguu hin feeneef Towhiida qabachuu Muslimaa arguu hin fedhan. Muslimni Towhiida qabatee Shirkii fii Bid'aa yoo lakkise Yahuudaan Muslima keessaa nama Isaaniif bitamu hin argatan. Kanaaf Towhiida nama Jibbisiisuuf halkanii guyyaa "Wahbiyyah" jechuun lallaban.

Ahbaashiin fira Isii Yahuudaa fii Shii'aa nama jalaa tuqu waan hin feeneef Imaam Muhammad Abdulwahhaab Adawwii Isii tokkoffaa godhattee jirti.

Ahbaashiin "Wahbiyyah" Osoo hin abaarre oolee buluu jechuun akka nama kafareetti laallama. Kanaaf halkanii guyyaa Wahbiyyah jechaa oolan. Akkasuma Yahuudaan, akkasuma Mootummaan Islaama hin Jaalanne hundi Wahbiyyah jechaa oolan. Wanni Isaan jibban takka Sunis Towhiidaan Muslimoonni tokko tahuudha.

Muslima Towhiidaan tokko tahe wanni gabroomsuu dandahu hin jiru. Kanaaf Ahbaashiin Muslimoota addaan facaasuuf akka barbaachistu irratti waliif galan.

Rabbiin Towhiidaa fii warra Towhiidaatiif ni tumsa.

Injifannoon tan Islaamaati!

QOODA TOWHIIDAA FII KIJIBA AHBAASHAA.

Ahbaashiin Towhiida barsiisna hoggaa je'an wanni Isaan barsiisan Kijiba namarra kaayuu, nama kafarsiisuu, Maqaa Ulamaa'ii xureeysuu, Sheeka Isaanii faarsu, Qabriitti nama yaamuu fi k.k.f hundi Isaan biratti Towhiida.

Ahbaashoonni Towhiida sadihitti quoduun bida'aadha, Sheekul Islaam Ibnu Teymiyyah jalqabe jechuun kijiba Abbaa Isaanii (Abdullaahi Hararii) fi fakkaatoota Isaa irraa dhaalan fidanii akka waan qorannoo haarawa argatanii godhanii dubbachaa oolan.

Towhiida jechuun hikkaan Isaa kan Afaanii Tokkichoomsuudha. Towhiida wanni je'aniin shari'aa Islaamaa keessatti Rabbummaa (Goftummaa) Allaahatti amanuu, Gabbaramaa kophaa tahuu isaa amanuu fi maqoolee fi sifa Isaa tan Inni ifiif sabachiisetti amanuudha.

Towhiida warri Ahlu-Sunnaa qooda sadihitti laalan.

1. Rabbummaa (Goftummaa) Allaahatti amanuudha. Rabbiin kan waan hunda uume tahuu, mootii waan hundaa tahuu, ajjeesee kan kaasu tahuu Isaa amanuudha, Kunis dalagaa Rabbii Isa qofaaf kophxeyesuu je'ama, umuun, ajjeesuun, kaasuun tan Rabbii qofa. Kanaan Towhiida Rububiyyaa jedhan (Goftummaa Rabbi qofaaf sabachiisuu akka jechuuti).
2. Lammaffaan Gabbaramaan haqaa Allaaha qoftii tahuu amanuudha. Kan kadhatan, kan dirmachuu irra barbaadan, kan kajeelan, kan balloo fi rakkotti yaammatan, kan qalaniif, kan sodaatan, Allaaha qofa. Isa malee waan jiru tokkolleef waan Ibaadarraa tahe godhuufii dhabuudha. Kanaan Towhiida Uluuhiyyaa jedhan (Ibaadaa Allaahaf Tokkichoomsu akka jechuuti)
3. Sadaffaan Allaahan maqaa fi sifa Isaan maltu tan ifiif sabachiise qaba saniin Isa tokkichoomsuudha. Kan uumaan Isa hin fakkeey sine, kan

waan Inni Ifiin yaame diduun hin jirre. Kanaan Towhiida Asma'aa Wa sifaat je'aniin (Maqaa fi sifa Isaa Isuma qofaaf godhuu akka jechuuti)

Qooda armaan olitti kaayame kun lafaa kan uumamee miti Quraanaa fi Sunnaa jala hordoofuudhaan waan ifa bahe. Ulamaa'iin Ahlu-Sunnaa hundi irratti waliif galanii jiran.

Namni Towhiida akka sadeen kanatti hin fudhanne guututti Rabbi tokkichomse jechuun hin danda'amu, kanaaf ragaa gahaa Quraana keessaa wajjiin haa laallu:

Towhiida Rubuubiyyaa (Gooftummaa Rabbi qofaaf godhuu) irratti Adunyaaa tanarratti Ilmi namaa Irra guddaan dachii fi samii, waan Isii keessa jiru enyuu uume yoo je'ameen Rabbi sin je'a garuu Rabbi hin gabbaru. Rabbiin warra Mushrikaa kan Nabi Muhammad s.a.w loleen hoggaa irraa dubbatu akkana je'a

فُلْ مَنْ رَبُّ السَّمَاوَاتِ وَالْأَرْضِ فُلِّ اللَّهُ

“Rabbiin Samii fi Dachii (uume) enyu? Allaaha je'i.” Ra'ad: 16

“Dachii fi wanni Isii keessaa kan enyuuti yoo beeytan?je'iin, Allaahaaf jedhan” Al-Mu'miniin: 84-89

Mushrikooni Rasuulaan s.a.w waan hunda Rabbii uume je'anii amananiifii jiran garuu Rabbi tokkicha qofa gabbaraa Isaaniin jennaan didan.

Ragaan Towhiida Rabbii qoftiin dachii fii samii uumuu, akkasumas hojii Isaatiin Isa kophexeyesuu hedduudha. Sanirraa namni dabalata fedhu Quraana Rabbi suraa Fatihaa: 1, A'araaf: 54, Zumar: 62, Ghaafir: 64, zukhruuf: 87, Suraa Falaq, Suraa Naas, Quraanni duraa hanga dhumaa Towhiida namni Ija qabu ni arga.

Rabbiin Mushrikootaan erga Rabbii dachii fi samii uumee beytan ana qofa gabbaraa jechuun Ergamaa Isa s.a.w itti erge kanuma Towhiida Rubuubiyyaa amanuu turan, Isa qofa gabbaruu didan.

Akkasuma Towhiidni Uluuhiyyaa (Rabbi tokkicha qofa gabbaruun) ragaa gaha Quraana keessaa qaba. Sanirraa hanga muraasa haa laallu.

“Si qofa gabbarra, suma qofarra gargaarsa barbaanna.” Faatihaa: 4.

“Haqaan gabbaramaan Allaaha malee hin jiruu beeki, diilii teetiif araarama barbaad.” Muhammad: 19.

Mushrikoonni Rabbiin akka dachii fi samii uume ni amanan garuu Isuma qofa gabbaraa, haqaan gabbaramaan hin jiru Isa malee je’aa hoggaa Rasuulli s.a.w Isaaniin je’e ni didan Rabbiin Quraana keessatti dubbi isaanii hoggaa nuuf himu

“Gabbaramaa hunda gabbaramaa tokko qofa godhe kuni dubbi ajaa’ibaati.” Suuraa saad, 5

Kanaaf wanni barbaachisu Towhiida keessatti dalagaa Rabbiifakkuma tokkichoomsan Ibaadaas Isumaaf tokkichoomsuu barbaachisa. Kan haqaan gabbaramu Allaaha qofa.

Ragaan kanaa Quraana guutuudha Faatihaa hanga suuraa Naasitti Towhiida Quraanni. Al-baqaraa:163, Al-Imran: 18, Al-haj: 62, An-najm: 23, A’araaf:71, An-Nahl: 36, Anbiyaa: 25 fi 108, Zukhruuf:45, hedduudha ragaan.

Kan 3ffaa Towhiida Asmaa wa sifaat, Maqaa fi sifa Rabbiin ifiif sabachiise Isaaf sabachiisuu fi Isa qofaaf godhuu kan hin fakkeesine, akkasumas kan hin dinne.

Towhiida kanaa fi kan Uluuhiyyaa namni hedduun keessatti dogongoree jira.

Rabbiin maqaa bareedaa Isaan malu ifiin yaamee jira, sifoota Isaatis ifiif sabachiisee jira kanaaf waan san hunda osoo hikkaa hin jijjirre, osoo hin fakkeesine, osoo hin dinne, osoo akkaataa hin dubbanne amanuu fi Isa qofaaf godhuun Towhiida Asmaa Wa Sifaat Je'ama.

Kanas ragaan Quraan Guutuudha.

“Haqaan gabbaramaan hin jiru Allaaha malee, Maqaa bareedaan Isaaf tahaadha.” Xahaal: 8

“Fakkaataan tokkolleen Isaaf hin taane Inni dhagayaa, argaadha.”
Shuuraa: 11

Rabbiin fakkaataa hin qabu garuu dhagayaadha, argaadha, beekaadha, ni jaalata, ol tahee jira, ni dubbata, gama samii adunyaa halkan hunda gad bu'a, wanni takka Isa hin fakkaattu sifa isaa hunda keessatti. Waan Inni ifiin je'es hin dinnu.

Towhiida 3 qoodan je'anii warri Jahmiyyaa, Ahbaahooni kan Odeeysan amantii warra Ahlu-sunnaa qulqulluu tana baanan. Towhiida 3 kan qoode Quraana akkuma gubbaatti argitan. Ulamaa'ii Salafaa irraa Imaam Abuu Jaafar Ax-Xahawii kitaaba Xahawiyyaa jedhamtu keessaatti seensa kitaaba Irratti **“Rabbiin Tokkicha, Shariika hin qabu, Wanni tokkolleen Isa hin fakkaatu, wanni tokkos Isa hin dadhabsiisu.....”** je'a. Kuni akkuma argitan Towiida sadeen gabaabumatti dubbatee jira. Akkasumas warra salafaa irraa Ibnu Baxxa, Ibnu Mandaah kitaaboota Isaanii kan Aqiidaa keessaatti Towhiida sadihitti qoodanii jiran, kanas kan godhan Quraana hordofuudhaani. Kana Sheekul Islaam Ibnu Teymiyyaa eegale jechuun oduun odeeysan kijiba bakka hin qabne.

Warri Towhiida sadihitti maaf nu jalaa qoodaan je'ee booyuu enyu??

1. Warra Bidi'aa kan Shirki maqaa Tawwasuulaa fi Tabarrukaatiin dalagan, Ibaadaan hundi Rabbi qofaaf waan je'u dhagahuu waan hin feeneef, Towhiidni sadihii miti tokkuma je'an. Akka Isaanitti namni Rabbiin dachii fi samii uumuu amanu hundi Rabbi tokkichoombsee jira.
2. Ahbaashoota Qabrii gabbarutti nama yaamtu, Isaanis wanni fedhan Towhiida sadihitti akka hin qoonne, yoo qoodame qabrii gabbaruun haraama taati, Inumaahu shirkiidha.
3. Ahbaashoonni Nama du'e yaammachuu fi Dirmachuu irraa barbaaduun ni taha jechuun amanan hoggaa Towhiida Uluuhiiyaa dhagayan ni dhukkubsatan, Allaaha malee haqaan gabbaramaan hin jiru jechuu dhagayurra nama ajjeesuu filatan.
4. Ahbaashoota, Jahmiyyaa, Mu'tazilaa, Ashaa'ira, Firqaa Raafidaa fii firqaa jalloon hundi Towhiida sadihitti hoggaa qoodan faayidaa Isaaniitu jalaa tuqama kanaaf didan. Maqaa fi sifa Rabbii akka Inni ifiif sabachiisetti sabachiisuun Towhiida keessaa sadaffaadha. Isaan ammo maqaa fi sifa Rabbii waan didaniif Towhiida keessaa kanas baasuu qaban. Akka ol tahuu Rabbii, dubbachuu, Quraanni jecha Isaa tahuu, dhagayuu, arguu, jaalachuu, fi sifoota Rabbii kan birootis diduuf karaan gabaabaan qooda Towhiidaa diduu jechuun waliif galan.
5. Jaahila Quraanaa fi Sunnaa Rasuulaa s.a.w hin beyne, Kan jecha Ulamaa'ii hin beyne, kan oduun Rabbi gabbaru hoggaa Ahbaashii irraa Kijiba Isaanii dhagaye dhugaa je'ee Towhiida qooduun hin jiru Isaan wajjiin je'a.

Ammoo Ahl-sunnaan Towhiida qooda sadeen saniin nama hin amanin guututti Rabbi hin tokkichomsine jechuu irratti waliif galan.

Kanaaf Ahbaashoonni maaliif akka qooda Towhiida diddaniif Isinirratti beeynee jirraa haa jennuun. Shirkii itti nama yaamtan halaal godhuuf jecha akka qooda towhiidaa diddaan beeynee jirra.

Xumura

Kitaabni Aqiidaa Ahlus-Sunnaah fii Kijiba Ahbaashii Xumurame.

Faaruun Rabbii kiyyaaf haa taatu.

Inshaallaah Aqiidaa fii Ahbaashii irratti Kitaaboota xiyyeefatan Isiniif gumaachuu ittin fufa. Kitaaba kana keessatti rakkoo fii dogongora agartan akka na beeysistan kabajaan Isin gaafadha.

Qabsoon Aqiidaa teenyaaf goonu itti fufa. Ahbaashii Saaxiluun itti fufa.

Rabbiin akka karaa qajeelaa nu oofu nin kadha. Kitaabni kun nama Afaan Oromoo beekuuf Aqiidaa Ahlusunnaa ni Ibsa jechuun amana.

Rabbiin dalagaa fuula Isaatiif dalagamte godhee narraa qeebaluun kadha.

Jallinaa fii Kafaruurraa Rabbii kiyyattin maganfadha.

Rabbiin Adawwii teenya caphsee Nasriidhaan nu haa gammachiisu.

Urjii Ahmad

Ramadaana 21, 1434

July 29, 2013

Email: urjiiahmad@hotmail.com

Facebook Peejii: <https://www.facebook.com/pages/Urjii-Ahmad/456539734418183>

Facebook: <https://www.facebook.com/urjii.ahmad>

Twitter: <https://twitter.com/UrjiiAhmad>